

سُورَةُ يُونُسَ
Suuraa Yuunus

*Dura dursoo suuran tun suuratu yuunus je'anti.

قبل كل شئ هذه هي سورة يونس

*Isiin suuraa makkaati, aayaa 40 94. 9596 malee isiin ta madiina'atii

وهي سورة مكية الا الآيات ٤٠ - ٩٤ - ٩٥ - ٩٦ فمدنية .

*Aayaanni isi'ii dhibbaafii sagali {109}

وآياتها مائة وتسع آية {١٠٩}

*{Lakkoysi isi'ii kudhani {10}

وعدها {١٠}

*{Isiin eega suuratul'israa'ii buute.

نزلت بعد سورة الإسراء

*Jalqabni dubbii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii,

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Jechi kun, harfii arabaa sadiyi , wanni□

الر

gariin makgnaa harfii sadeen kanaa Rabbumaatu beekha je'anii dhiisuu, haa tayuu gariin ulama'aa akki je'u wanni Rabbiin harfiin sadeen tana fideef, orma arabaa kan qur'aana qeebaluu dideen, mee qur'aana biraa harfuma akkanaa tanarraa tolcha'aa fidaa je'uudhafi, duuba qur'aana biraa fiduu dadhabaniiti Rabbumaatu buusee hubatanii itti amanan, maalif ?duraan waan nabi muhammad fide seyaniiti, waan afaan arabaa akkaan beekhaniif, qur'aana biraa kan akkanaa ni finna je'anii if dhaadan, haa tayuu itti if laalaniiti fiduu dadhaban, ammoo gariin ulama'aa akka je'u ; {alif} {anallaahu} an Rabbii jechu', {laam} {liyalmulku} mootummaan tiyya jechu', {ra} {rasuulii muhammad} rasuula kiyya muhammadi jechu',

*Wanni as deemu,

تِلْكَ

*Aayaata qur'aanati,

آيَاتُ الْكِتَابِ

1} *Qur'aana hikmaa qabu, kan haqaan dubbii nama jiddu'utti laalu, yookaa muru .

الْحَكِيمِ

*Si warra makkatti ajaa'iba tayee,

أَكَانَ لِلنَّاسِ عَجَبًا

*Nama tokko isaanirraa maran'ee isaanitti erguun keenya,

أَنْ أَوْحَيْنَا إِلَى رَجُلٍ مِنْهُمْ

*Nama kafare azaaban sodaachisi,

أَنْ أَنْذِرَ النَّاسَ

*Warra amane gammachiisi,

وَبَشِّرِ الَّذِينَ آمَنُوا

*Darajaa, sawaaba waan gaarii Rabbiin

أَنْ لَهُمْ قَدَمٌ صِدْقٍ عِنْدَ رَبِّهِمْ

isaanii dabarseetu, sababaa waan gaarii isaan dalaganiif, Rabbii isaanii bira isaanif jira ji'ii , gammachiisi jennee, nama tokko, kan isaanirra taye, isaanitti erguun ajaa'iba isaanitti tayee? Takkaayuu isaan dinqee? wanni kuffaarri makkaa je'e; Rabbiin nama biraa dhabeeti muhammad yatiima nutti ergaa je'aniiti ajaa'iban,

*Ammas ormi kuffaaraa akki je'e,

قَالَ الْكٰفِرُونَ

2} *Muhammad kun falfalaa ul'ata', qaraatin biraa Akki jettu { إِنَّ هَذَا لَسِحْرٌ مُّبِينٌ } makgnaan isi'ii { qur'aanni kun falfala mul'ataa jechu' }.

إِن هَذَا لَسِحْرٌ مُّبِينٌ

*Rabbiin keessan kan samii torbaniifii dachii hanga guyyaa jahaa keessatti uumee ,

إِنَّ رَبَّكُمْ اللَّهُ الَّذِي خَلَقَ السَّمٰوٰتِ وَالْاَرْضَ فِي سِتَّةِ اَيَّامٍ

*Eegasii arshiidharratti ol taye, ol tayiin isaan malu ,kan arshii waa hundarra guddo'oo uumee qabu,

ثُمَّ اسْتَوٰى عَلَى الْعَرْشِ

*Kan dubbii waan uumee , akka fedhetti deemsisu takkaa oofu,

يَدْبِرُ الْاَمْرَ

*Wanni waa shafa'u takkaa magantaa namaa dhaabbatu hin jiru, eega fedhii Rabbiitii malee { taabonni } isaan nu shafa'a je'an isaan shafa'uu hin qabu jechu', iznii Rabbiin qabuu,

مَا مِنْ شَفِيعٍ اِلَّا مِنْ بَعْدِ اِذْنِهٖ

*Rabbiin keessan isa sami'ii dachii uume , kan dubbiin waa hundaa harka isaa jirtu sanii, isuma ibaadaa yookaa gabbaraa, waan biraa dhiisa'aa,

ذٰلِكُمْ اَللّٰهُ رَبُّكُمْ فَاعْبُدُوْهُ

3} *Si dubbii gad qabdaniin laaltanii hin beeytanii?

اَفَلَا تَذَكَّرُوْنَ

*Hundi keessan eega duutanii gara isaati deebitan,

اِلَيْهِ مَرْجِعُكُمْ جَمِيعًا

*Sun haqa kan Rabbiin if qabsiise, qaaxaroon Rabbii hin oolamtuu, guyyaan gara isaa deebitan dhufaaf taa'a,

وَعَدَ اللّٰهُ حَقًّا

*Rabbiin kan waa jalqabee uumu,

اِنَّهٗ يَبْدُوْا الْخَلْقَ

*Kan eegasii guyyaa qiyaama'aa qabriidhaa nama kaasee, uumaa isaanii deebisu,

ثُمَّ يَعِيْدُهٗ

*Wanni Rabbiin eega du'aatii guyyaa boruu nama deebisuuf warra Rabbitti amanee waan gaarii dalageef,haqaan galata, yookaa jaza galchu'uufi, jannata isaan seensisee,

*Warra Rabbitti kafare,

*Dhugaatii oow'itu'uutu isaanif qophaayee jira, {hgamiim} jechuun;bishaan danfaa khoqu jechu,

*Ammallee azaaba isaan laalessuutu isaanif qophaayee jira,

4} *Sababaa isaan Rabbitti kafaraniif jecha.

*Rabbiin an ibaaduu kan dhuga'aa isa ,aduu ifaa ow'aa godhe,

*Kan ji'a ifaa qabbanaayaa godhe,

*kan ji'a kanaaf qubsama diiddamii saddeet

godhe, halkan diiddamii saddeet keessatti bakka diiddamii saddeet bula, kan yoo baatin guyyaa soddoma guutte, halkan lama hin mul'anne, kan yoo baatin guyyaa diiddamii sagal taate halkan tokko hin mul'anne,

*Wanni Rabbiin akkatti uumef,akka lakkoysa amataatifii, qaaxaroo dalagaa teessanii beytaniifi,

*Rabbiin waan kana hunda haqaan male'etti hin uumne , taphaaf hin uumnee, hikma'aaf uume,

5} *Rabbiin waan uume kanaan milikkata, aga dandeytii isaati warra waa baruuf addeyse.

*Halkaniifii guyyaan ir'atu'uufii ida`amu-

'uun, wal dhabuu keessa, kan yoo saa'an halkanii dheeratte, ta guyya'aa gabaabbattu, kan yoo ta guyya'aa dheeratte ta halkanii gabaabbattu, ammallee tokko deemee tokko dhufuu keessa

*Waan Rabbiin samii keessatti uume kan akka malaayka'aa, adu'uu, ji'aa urji'ii keessa,

لِيَجْزِيَ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ بِالْقِسْطِ

وَالَّذِينَ كَفَرُوا

لَهُمْ شَرَابٌ مِّنْ حَمِيمٍ

وَعَذَابٌ أَلِيمٌ

بِمَا كَانُوا يَكْفُرُونَ

هُوَ الَّذِي جَعَلَ الشَّمْسُ ضِيَاءً

وَالْقَمَرَ نُورًا

وَقَدَرَهُ مَنَازِلَ

لِنَعْلَمَ أَعْدَدَ السَّيِّئِينَ وَالْحَسَابِ

مَا خَلَقَ اللَّهُ ذَلِكَ إِلَّا بِالْحَقِّ

يُفَصِّلُ الْآيَاتِ لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ

إِنَّ فِي أُخْتِلَافِ اللَّيْلِ وَالنَّهَارِ

وَمَا خَلَقَ اللَّهُ فِي السَّمَوَاتِ

*Waan Rabbiin dachii keessatti uume, kan akka waan lubbuu qabuu,kan akka gaaraa ,lagaa ,mukaa,ammallee waan biraa uumuu keessa

وَالْأَرْضِ

*Milikkata yookaa ragaa dandeytii Rabbiititu jira,

لَا يَت

6} *Warra Rabbi sodaatee itti amanuuf.

لِقَوْمٍ يَكْفُرُونَ ﴿٦﴾

*Warri eega du'anii,ka'anii, nu arguu hin kajeelle, yookaa itti hin amanne,

إِنَّ الَّذِينَ لَا يَرْجُونَ لِقَاءَنَا

*Kan bakka aakhiraadhaa addunyaa maraxatanii jaalatan,

وَرَضُوا بِالْحَيَاةِ الدُّنْيَا

*Kan addunyaa tanatti amananii itti if kennan,

وَأَطْمَأَنُّوْهَا

7} *Kanneen ragaa dandeytii teenyee kan nuti uumne, laaluu dhiisanii kafaran.

وَالَّذِينَ هُمْ عَنْ آيَاتِنَا غَافِلُونَ ﴿٧﴾

*Jarri dubbanne sun, warra guyyaa boruu teesson isaanii ibiddaati ,

أُولَئِكَ مَا لَهُمْ النَّارُ

8} *Sababaa waan isaan dalaganiif, cubbuu isaan dalaganiif jecha manni isaanii ibidda taye.

بِمَا كَانُوا يَكْسِبُونَ ﴿٨﴾

*Warra Rabbitti amanee,waan gaarii dalage,

إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

*Rabbiin karaa gaarii, waan gaari'itti jannattati isaan geessuu isaan qajeelcha,

يَهْدِيهِمْ رَبُّهُمْ

*Sababaa isaan Rabbitti amananiif,

بِإِيمَانِهِمْ

*Kan lagootin bakka isaan qubatan jala olii gad yayaatu,

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهِمُ الْأَنْهَارُ

9} *Jannata qanani'ii keessatti.

فِي جَنَّاتِ النَّعِيمِ ﴿٩﴾

*Jannata keessatti,yoo waa barbaaduu fedhan , nyaata tayuu, dhugaatii tayuu, wanni isaan je'an, karaan isaan waan fedhan argataniin,

دَعْوَانِهِمْ فِيهَا

*Yaa Rabbi qulqullummaan teeti,jechuudha , hoggaa akkana je'an waan fedhan ifuma biratti argan. {subhgaanakallaahuma} jech-

سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ

uun : ati yaa Rabbi waan siin hin mallerraa qulqullu' jechu',

*Salaamtan isaanii jannata keessatti {salaam} jechuudha, akkana jechuun: nagayaa, nagayaa, walin jechu',

*Wanni isaan eega waan fedhan argatanii je'an;

10 * {Al hgamdu lillaahi Rabbilkaalamiin} jechu', akkana jechuun ; galanni waan argannee kan waaqa waa hunda uumeti jechu' .

*Rabbiin odoo hoggaa namni if abaaree, yaa Rabbi balaa natti buusi je'ee khadhate, dafee, jarjaree itti buusee,

*Akka hoggaa isaan waan gaarii khadhatan daddafee isaanii kennutti,

*Silaa duuti isaan bira geeseti dhuman ,haa tayuu Rabbiin waan isaan barbaadan itti buusee isaan hin fixuu, isaan dhiisa,

11 * Duuba warra argaa teenyatti hin amanne kuffaara jallina isaanii keessatti isaan dhiifna , akka dhama`anii jallina keessa naa-

nnawan, waan haqarra jiran if seyani, Rabbiin balaa isaan barbaadan itti buusuu oollan, wanni Rabbiin dubbii tana dubbateef, orma kuffaaratiitu; yaa Rabbi, yoo wanni muhammad dhufeen haqa taye, dhagaa sami'ii nutti buusi, yookaa nutti roobsi je'an, duuba dhagaa itti roobsuu dhabnaan, waan haqarra jiran if seyani, jallina itti fufan, hoggaa san Rabbiin akki je'een wannin isinitti roobsuu dhabeef haqarra jirtani'iifii mitii, akka qixaaxa ida'ataniifi je'een.

*Nama kaafiraa balaan, yookaa wanni isa dararu, kan akka dhukkubaa yookaa hiyyumma'aa yoo tuyxe,

*Akka balaa san irraa deemsifnu, ciiseti nu khadhata,

*Takkaa isaa taa'u,

*Takkaa isaa dhaabbatu, akkuma hundatti nu khadhata jechu',

*Duuba hoggaa cinqii yookaa dararaa isaa irraa deemsifne,

وَتَحِيَّتُهُمْ فِيهَا سَلَامٌ

وَأَجْرٌ دَعَوْتُهُمْ

﴿١٠﴾ إِنَّ الْحَمْدَ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ

﴿١١﴾ وَلَوْ يَعْجَلُ اللَّهُ لِلنَّاسِ الشَّرَّ

أَسْتَعْجَلَهُمْ بِالْخَيْرِ

لَفُضِيَ إِلَيْهِمْ أَجَلُهُمْ

فَنَذَرُ الَّذِينَ لَا يَرْجُونَ لِقَاءَنَا فِي طُغْيَانِهِمْ

﴿١١﴾ يَعْجَهُونَ

وَإِذَا مَسَّ الْإِنْسَانَ الضُّرُّ

دَعَانَا لِجَنبِهِ

أَوْ قَاعِدًا

أَوْ قَائِمًا

فَلَمَّا كَشَفْنَا عَنْهُ ضُرَّهُ

*Kufrii yookaa balleessaa isarratti hafee deema,

*Akkuma waan balaan isa tuyn'aan, nun khadhatinitti, nurraa gara galee,kufri'iin de-ema,

*Akkuma hoggaa cinqi'ii Rabbi khadhatanii, hoggaa quufaa, Rabbirraa gara galuun, itti bareeffame,

*Warra Rabbitti kafareef bareeffame, yookaa isaanitti mi'eeffame,

12} *Wanni takkaa cubbuun isaan dalagan hundi.

*Dhugumaan warra isaan duraa, lafarraa fin'ee jirra,

*Hoggaa isaan Rabbitti kafaranii if miidhan,

*Kanuma warri Rabbiin isaanitti ergaan karaa haqaatin isaanitti dhufe,

*Sanumaan wajji,isaan,warra amanu hin taane

13} *Warra Rabbitti balleesse hunda akka orma san fin'etti fin'a, takkaa jazaa isaanii galchina.

*Eega warra dur san balleessinee ,isin uumnee, bakka isaanii addunyaa tanarratti isin dhaabne, takkaayuu isin buufne,

14} *Waan isin dalaydan laalu'uu jecha, waan orma dur, kan Rabbitti kafaretti buufnen gorfamtanii ergamaa kiyya muhammad dhugo'oomsitanii,Rabbitti amantan moo, ni kafartanii laalu'uu jecha .

*Hoggaa orma kuffaararratti aayanni qur'aanaa mul'attuun qara'amte, tan dalagaa hamtuu isaan itti jiran dubbattu,tan sanama {tabota} ibaadun badiidha jettu,

*Warri eega du'anii kaafamanii, nu arguu hin dhugo'oomsine,wanni nabi muhammadiin je'e,

مَرَّ

كَأَن لَّمْ يَدْعُنَا إِلَىٰ صِرَاطٍ مَّسْهُومٍ

كَذَلِكَ

زَيْنَ الْمَسْرِ فِي

مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٢﴾

وَلَقَدْ أَهَلَكْنَا الْقُرُونِ مِن قَبْلِكُمْ

لَمَّا ظَلَمُوا

وَجَاءَتْهُمْ رُسُلُهُم بِالْبَيِّنَاتِ

وَمَا كَانُوا

لِيُؤْمِنُوا كَذَلِكَ نَجْزِي الْقَوْمَ الْمُجْرِمِينَ ﴿١٣﴾

ثُمَّ جَعَلْنَاكُمْ خَلَائِفَ فِي الْأَرْضِ مِنْ بَعْدِهِمْ

لِنَنْظُرَ كَيْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٤﴾

وَإِذَا تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ آيَاتُنَا بَيِّنَاتٍ

قَالَ الَّذِينَ لَا يَرْجُونَ لِقَاءَنَا

*Qur'aana, qur'aana kana hin tayin, kan sanna {taabota} nuti gabbaru hin tuyn'e fidi,
 *Takkaa qur'aana kanarraa, bakka waan nuti hin feene dubbattu jirjiiri je'aniin,
 *Isaan akkana jennaan, Rabbiin nabi muhammadiiin akki je'e; qur'aana Rabbii ifuma biraa ka'ee jirjiiruu hin qabu ji'iin,
 *An waan Rabbiin narratti buuse malee, waan biraa jalan deemu,
 15} *An yoon waan Rabbiin buuse jirjiiree ,Rabbitti belleesse, azaabni guyyaa gudda'aa na tuqu'un sodaadhaa sun azaaba guyyaa qiyaama'aatii ji'iin.

*Ammas akki isaanin jettu, odoo Rabbiin qur'aana isinirratti qara'uu dhabuu fedhee,
 *Silaa isinirratti hin qara'u, inni waan an if biraa kaasee fiduu dandayuu mitii,

*Rabbiin odoo fedhee , qur'aana kana karaa

kiyyaan, isin hin beysisu, haa tayuu fedhiin ta isaatii, waan inni fedhe malee ,wanni biraa hin taatuu, tanaafan qur'aana, waan dabreefii, waan dhufaa jiru dubbatu isinirratti qara'ee karaa kiyyaan, Rabbiin waan ilmi namaa if biraa kaasee, beekhuu hin dandeenye, isin barsiise,

*Odo qur'aanni narratti hin buufamin dura, waytii, yookaa bara afurtaman isin keessa taa'ee, wahi waan akka qur'aanaa kana narraa agartanii? akkasuma anaa namarraa baratu wahi agartanii?

16} *Si kana laaltanii, akka qur'aanni kun waan Rabbumti narratti buuse taye, hin beeytanii?.

*Eenyu namni nama Rabbiin masaanuu, yookaa fakkaataa qaba je'ee, kijiba Rabbirra kaayerra cubbuu dalage,

*Takkaa nama aayata Rabbii kijibsiisee, qeebaluu diderra, eenyutu hamtuu dalage? namni isarra balleessaa dalage hin jiru

أَنْتَ بِقُرْآنٍ غَيْرِ هَذَا

أَوْ بَدَلَهُ

قُلْ مَا يَكُونُ لِي أَنْ أُبَدِّلَهُ مِنْ تَلْقَائِي نَفْسِي

إِنْ أَتَّبِعُ إِلَّا مَا يُوحَىٰ إِلَيَّ

إِنِّي أَخَافُ إِنْ عَصَيْتُ رَبِّي عَذَابَ يَوْمٍ عَظِيمٍ

١٥

قُلْ لَوْ شَاءَ اللَّهُ

مَا تَلَوْتُهُ عَلَيْكُمْ

وَلَا أَدْرَأَكُمْ بِهِ

فَقَدْ لَبِثْتُ فِيكُمْ عُمُرًا مِنْ قَبْلِهِ

أَفَلَا تَعْقِلُونَ

فَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

أَوْ كَذَّبَ بِآيَاتِهِ

jechu',

17} *Warri Rabbitti balleesse ,isatti waa qindeesse, hin milkaayu,toltuu hin argatu.

*Ormi kuffaaraa Rabbii achitti,waan yoo gabbaruu dhiisan ,isaan hin miine, gabbaran

*Waan yoo gabbaran isaanii hin tolle, takkaa hin fayyanne gabbaran, sun muka qorarii, takkaa sibiila tumanii, Rabbi je'anii ibaadanii,

*Wanni isaan je'an mukaafii,sanamni kun , Rabbi biratti, guyyaa boru, nu shafaati je'an,

*Yaa ergamaa kiyya muhammad,wanni isaanin jettu si waan Rabbiin, sami`iifii dachii keessatti hin beyne Rabbitti odeessitanii ?

Rabbiin fakkaataa qaba jettanii,ammallee wanni isin Rabbii achitti ibaadann yookaa gabbartan Rabbi biratti nu shafaati jettanii, wanni Rabbiin waa takka isarraa hin dhokhane hin beekhin, kan isin itti odeessitan waanuma hin jirre silaa odoo waan jiru taatee Rabbiitu beekhaa,

18} *Rabbiin waan ormi ku ffaaraa itti qindeessurraa qulqullaaye,ol taye ,Rabbiin tokkocha hin haajamne, kan wahayyuu gara isaa haajamtu, kan waan inni fedhe malee, wanni biraa hin taane.

*Ilmaan namaa hudni ummata tokko tayuu

turan, diinaa tokkorratti deemuu turan,gaafni isaan akkas tayuu turan aadamirraa qabarii hanga nabi nuuhgitti, san dura diinaa tokkorratti deemuu turan, sun diinaa islaamatii, takkaa namni hundi hoggaa uumamu diinaa tokkorratti uumame jechu , sun diinaa islaamaa kan tokkummaa Rabbii yaadu'uuti,

*Duuba ilmaan namaa eeguma ummata tokko tayuu turanii, diinaa keessatti wal dhaban, gariin kafaree gariin islaamarratti hafe,

*Odoo jechi Rabbii keetii dabruu baatee, warra kafarerraa azaaba, hanga qiyaama'attan booda aansa, je'ee odoo dubbatuu baatee,

19} *Silaa firdiidhatu warra kafareefii warra

amane jiddu'utti godhama,waan keessatti wal dhaban keessatti ,kanaatu haqarra jira, kanaatu badi'irra jira je'ee mul'isee , kaafira addunyaa tanarratti qix-

إِنَّهُ لَا يَفْلِحُ الْمَجْرُمُونَ ﴿١٧﴾

وَيَعْبُدُونَ مِن دُونِ اللَّهِ مَا لَا يَضُرُّهُمْ
وَلَا يَنْفَعُهُمْ

وَيَقُولُونَ هَؤُلَاءِ شَفَعْنَا عِنْدَ اللَّهِ

قُلْ أَتَسْتَبْشِرُونَ اللَّهَ بِمَا لَا يَعْلَمُ فِي السَّمَوَاتِ
وَلَا فِي الْأَرْضِ

سُبْحَانَهُ، وَتَعَالَى عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿١٨﴾

وَمَا كَانَ النَّاسُ إِلَّا أُمَّةً وَاحِدَةً

فَاخْتَلَفُوا

وَلَوْلَا كَلِمَةٌ سَبَقَتْ مِن رَّبِّكَ

لَفُضِيَ بَيْنَهُمْ فِيمَا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ ﴿١٩﴾

aaxee.

*Warri makkaa kuffarri akki je`u maalif aayanni nuti muhammadirratti bu'uu barbaanne qofti, irratti hin buufamne, maalif mukgijizaa nuti fidi isaan jenne fiduu oole je'an,
*Yaa ergamaa kiyya Muhammad wanni

وَيَقُولُونَ لَوْلَا أُنزِلَ عَلَيْنَا آيَةٌ مِنْ رَبِّهِ

isaanin jettu waan dhufaa taa'u beekhun, waan Rabbiiti, isaatu beekha , duuba aayata isin barbaaddan buusun harka isaati jirtii, an waan inni narratti buuse isinirratti qara'uu malee, yookaa isinitti geessuu malee, waan biraa hin qabu ji'iin,

فَقُلْ إِنَّمَا الْغَيْبُ لِلَّهِ

*Duuba azaaba yoo amanuu baattan Rabbiin isinitti buusu, eegaa,
20} *Anis isiniin wajjin eegaa.

فَأَنْتَظِرُوا

إِنِّي مَعَكُمْ مِنَ الْمُنْتَظِرِينَ ﴿٢٠﴾

*Hoggaa warra makkaa,yookaa namuma hunda dhandhamsiifne, takkaa kennineef ,

وَإِذَا أَذَقْنَا النَّاسَ

*Rahgmata, rooba,takkaa quufa, eega dararaan ,yookaa cinqiin, takkaa abaar isaan tuqee

رَحْمَةً مِنْ بَعْدِ ضَرَاءٍ مَسَّتَهُمْ

*Aayata keenyatti hamtuu yaadan, xiqqeesanii qeebaluu didanii,

إِذَا لَهُمْ مَكْرٌ فِي آيَاتِنَا

*Jarri sun yoo kan aayata Rabbii balleessu'utti jarjaran tayan, Rabbiin isaan qixaa-xu'utti isinirra jarjaraa beekhaa ji'iin,

قُلِ اللَّهُ أَسْرَعُ مَكْرًا

*Malaaykan nuti akka dalagaa namaa kat-abdu'uuf qopheesine,

إِنْ رُسُلَنَا

21} *Waan isin dhoysa'aan mala dhooytan ,aayata Rabbii dura dhaabbatuu isin yaaddan, ni katabdi.

يَكْتُمُونَ مَا تَمْكُرُونَ ﴿٢١﴾

*Rabbiin isa lafarra deemuu isin dandeessise,

هُوَ الَّذِي يُسِرُّكُمْ فِي الْبَرِّ

*Ammallee kan bahara keessa deemuu isin dandeessise,

وَالْبَحْرِ

*Hanga hoggaa safiinaadhan bahara keessa deemtan,

حَتَّىٰ إِذَا كُنْتُمْ فِي الْفُلِكِ

*Duuba safiinan isaanin ceete yookaa saffifte,

وَجَرِينَ بِرِمِّ

*Qilleensa gaarii isii oofun,

بِرِيحٍ طَبَّيَّةٍ

*Qilleensi safiinaa oofu saniin gammadan

وَفَرِحُوا بِهَا

waan inni qilleensa jabaa safiinaa gara galchu hin tayiniif, ammallee waan inni qilleensa darree safiinaa oofuu hin dandeenye hin tayiniif, duuba isaanumaa akkasitti gammachu'uun safiina'aan qilleensa jiddu jireessan bahara keessa yaa'u,

*Qilleensi jabaan waa hunda gara galchu itti dhufe,

جَاءَ تَهَا رِيحٌ عَاصِفٌ

*Danbaliin bishaanii, takkaa tuulan bishaanii tan qilleensi yookaa hobobbollattiin, wal korsiiiftee safiina'aa ol dabarsitu marsitee gama hundaan safiina'atti dhuftee,

وَجَاءَهُمُ الْمَوْجُ مِنْ كُلِّ مَكَانٍ

*Marfamnee dhumnee seyanii ,takkaa hin baanuu hubatanii,

وَطَنُوا أَنَّهُمْ أُحِيطَ بِهِمْ

*Rabbii isaanii khadhatan, khadhaa isaaf qulqulleessanii, kan waan biraa hin khadhaanne, kan waan dur itti qindeessuu turan, ittin qindeessine,

دَعَا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ

*Wanni isaan du'aa'ii isaanii keessatti je'an: yaa Rabbi yoo ar'a cingii tana jalaa nu baafte,

لَئِن آجَيْنَاكَ مِنْ هَٰذِهِ

22} *Warra galata siif galchurraa taana, sitti amanna, tokkummaa teeti yaanna je'an.

لَنَكُونَنَّ مِنَ الشَّاكِرِينَ ﴿٢٢﴾

*Duuba hoggaa Rabbiin cingii san jalaa isaan baasee, nagayatti bayan,

فَلَمَّا أَنْجَاهُمْ

*Isaan dachii balleessan,

إِذَا هُمْ يَبْغُونَ فِي الْأَرْضِ

*Haqaan male'etti,waan biraa Rabbitti qindeessu'uun , baallama diiganii,

بِغَيْرِ الْحَقِّ

*Yaa warra makkaa, yookaa yaa ilmaan namaa diliin yookaa cubbuun isin dalaydan, balleessan isin Rabbitti balleessitan, lubbuuma teessanitti balleessuudha, waan sababaa saniin qixaaxamu'uu jiraattaniif,

يَأْتِيهَا النَّاسُ إِنَّمَا بِغَيْرِكُمْ عَلَىٰ أَنفُسِكُمْ

*Hanguma xiqqaa, addunyaa tana keessa jirtan nagaya argattan, takkaa qananiitan ,
*Ammoo eega duutanii gara keenya deebitanii

23} *Waan isin dalaydan isinitti odeessin-eeti isin qixaaxu'uu jiraanna.

*Addunyaan tun wanni fakkaatu,

*Akka rooba sami'ii buufneti,

*Kan sababaa rooba saniitin mayri lafarraa mayree wal keessa seene,

*Wanni namni nyaatufii, wanni horiin nyaatu mayree,

*Hanga dachiin bareeddee,

*Faayamtetti, mayra adda addaa kan bifa adda addaatin uwwifamtee,

*Hanga warri ooyrun akkasitti magarteef bu'aa, yookaa faaydaa waan mayreefii san, nyaatuu ni dandeenyaa, yookaa mijjeeyfatu seyanitti,

*Duuba isaanii akkasitti jiru azaabni keenya, yookaa balaan ooyruu isaanitti buutee,

*Halkan takkaa guyyaa,

*Ooyruu isaanii magarte san balleessinee, akka waan haamamtee goone,

Akka waan san dura hin mayrinii, lafarraa baduu keessa, akka waan kalee achitti waan argaminii goonee,

24} *Akkasitti warra aylifatuuf dubbii adda

babaafna ragaa tokkummaa keenyaa waan wanni nuti jenne haqa tayuu agarsiisu dubbannaaf, Rabbiin haala addunya'aa, daddaftee dhabamuu keessatti, haala ooyruu wanni mayre irraa baddetti fakkeesse.

*Rabbiin gara mana nagayatti nama yaama, sun jannataa ,karaa iimaanatti nama yaamu'ootin,

مَتَعَ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا

ثُمَّ إِنَّا مَرَّجَعُكُمْ

فَنُنَبِّئُكُمْ بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٢٣﴾

إِنَّمَا مَثَلُ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

كَمَاءٍ أَنْزَلْنَاهُ مِنَ السَّمَاءِ

فَأَخْلَطَ بِهِ نَبَاتُ الْأَرْضِ

مِمَّا يَأْكُلُ النَّاسُ وَالْأَنْعَامُ

حَتَّىٰ إِذَا أَخَذَتِ الْأَرْضُ زُخْرُفَهَا

وَأَزْيِنَتْ

وَوَطَّأَتِ أَهْلُهَا أَنَّهُمْ قَدِرُونَ عَلَيْهَا

أَتَيْنَاهَا أَمْرًا

لَيْلًا أَوْ نَهَارًا

فَجَعَلْنَاهَا حَصِيدًا

كَأَن لَّمْ تَغْنَبِ بِالْأَمْسِ ﴿٢٤﴾

كَذَلِكَ نُفَصِّلُ الْآيَاتِ لِقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٢٤﴾

وَاللَّهُ يَدْعُو إِلَىٰ دَارِ السَّلَامِ

25} *Rabbiin nama fedhe karaa diriiraa qaj-eelcha, sun karaa diinaa islaamatii.

*Warra Rabbitti amanee waan gaarii dalageef,

*Waan gaari'iitu qophaaye, sun jannataa,

*Ammallee waan jannatarra caalutu warra amanee, waan gaarii dalageef qophaaye, sun Rabbii isaanii akkanaafii akkanaa male'etti argu'uu,

*Fuula isaanii hin hagoogu, gurraachominni

*Xiqqeenyini isaan hin tuqu, wanni warra ibiddatti dhufu, kan akka fuulli gurraachomu'uu, xiqqeenyi irraa mul'atu'uu isaanitti hin dhufu,

26} *Jarri sun warra jannataati, kan zalaalamii qananii keessa taa'an.

*Warra dilii yookaa cubbuu dalageef,

*Qixaaxa dilii isaanitiitu qophaaye ,likkuma dilii isaan dalaganiin, kan waan isaan hin dalaginiif hin qixaan'e,

*Xiqqeenyatu isaan hagooga,

*Namni azaaba Rabbii isaanirraa dhowwu hin jiru,

*Fuulli isaanii gurraachomuu keessa, akka waan halkan dukkanarraa waa muratee, uffateeti fakkaata,

27} *Jarri sun, warra azaabaa,kan zalaalamii keessa taa'u.

*Guyyaa kuffaarafii, nama biraa hunda walitti qabnu, sun guyyaa qiyaama'aatii,

*Kan eegasii warra Rabbitti waa qindeessen ,dhaabadhaa bakka teessanii hin sosso'inaa, hanga dubbii teessan laallutti,

*Isiniifii warra isin Rabbitti qindeessitanille'een jennu, dubbadhaa,

وَيَهْدِي مَنْ يَشَاءُ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿٢٥﴾

لِّلَّذِينَ أَحْسَنُوا

الْحُسْنَىٰ

وَزِيَادَةٌ

وَلَا يَرْهَقُ وُجُوهُهُمْ قَتَرٌ

وَلَا ذَلَّةٌ

أُولَٰئِكَ أَصْحَابُ الْجَنَّةِ هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿٢٦﴾

وَالَّذِينَ كَسَبُوا السَّيِّئَاتِ

جَزَاءُ سَيِّئَاتِهِمْ بِمَا كَانُوا

وَتَرَاهُمْ فِيهَا

مَأْلُومًا مِّنَ اللَّهِ مِن عَاصِيٍّ

كَانَمَا أَغْشَيْتِ وُجُوهُهُمْ قِطْعًا مِّنَ اللَّيْلِ مُظْلِمًا

أُولَٰئِكَ أَصْحَابُ النَّارِ هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿٢٧﴾

وَيَوْمَ نَحْشُرُهُمْ جَمِيعًا

ثُمَّ نَقُولُ لِلَّذِينَ أَشْرَكُوا مَكَانَكُمْ

أَنْتُمْ وَشُرَكَاءُكُمْ

*Achitti kuffaarafii waan isaan Rabbitti qindeessan, addaan baafnee,wal falamu'utti seenan,

فَرَلِنَالِيْنِيْمِهِمْ

*Wanni kuffaari ibaaddu ture taabonni, faan wanni kuffaaran je'e, Rabbiin waa hunda dubbise, isaan dubbisee,

وَقَالَ شُرَكَاءُهُمْ

28} *Isin nu ibaaddu hin turre sheyxaana ibaaddan malee,inni muka ibaadaa, jinnii ibaadaa, isiniin jennaan ,dubbii isaa dhageessanii ibaaddan malee nun ibaanne.

مَا كُنْتُمْ اِيَّانَا تَعْبُدُونَ ﴿٢٨﴾

*Akka isin sheyxaana ibaaddan malee, nun ibaadin, Rabbiin nuufii isin jidu'utti ragaa tayu'uuf ni gayaa, ragaan biraa hin barbadamu,

كَفَى بِاللَّهِ شَهِيدًا بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ

29} *Nutu ibaadaa isin nu ibaaddan ,quban qabnu je'an .

اِنْ كُنَّا عَنْ عِبَادَتِكُمْ لَغَافِلِينَ ﴿٢٩﴾

*Bakka sanitti, guyyaa qiyaama'aa lubbuun hundi mokkoramti, waan dalaydee dabarsit-erraa gaafatamtee,

هٰنَالِكَ تَبْلُوْا كُلَّ نَفْسٍ مَّا اَسْلَفَتْ

*Namni hundi, Rabbii isaanii, kan haqarra fidaman,

وَرُدُّوْا اِلَى اللّٰهِ مَوْلٰهُمُ الْحَقِّ

30} *Wanni isaan kijibaan Rabbitti qindeessan hundi ni dhabamti.

وَضَلَّ عَنْهُمْ مَّا كَانُوْا يَفْتُرُوْنَ ﴿٣٠﴾

*Yaa ergamaa kiyya enning orma kuffaaraatiin akka jettu; mee eenyu namni sami'irraa rizqii isinii hiru, rooba roobsu'uun, waan jiraattaniin isinii buusu?

قُلْ مَنْ يَّرْزُقُكُمْ مِنَ السَّمٰوٰتِ

*Kan dachi'irraa rizqii isinii hiru,waa isinii magarsu'uun, waan isiniifii horiin nyaattan,

وَالْاَرْضِ

*Eenyu namni dhagayiinsa isin waa dhagg-eessan uumu , takkaa qabu?,

اَمَّنْ يَمْلِكُ السَّمْعَ

*Eenyu namni argaa isin waa agartan uumee qabu?,

وَالْاَبْصَرَ

*Eenyu namni waan jiraa , waan duutuu keessaa baasu ,takkaa uumu? Akka lukkuu kille'erraa uumu'uu,

وَمَنْ يُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَمِيْتِ

*Eenyu namni waan du'aa, waan jira'arraa baasu, takkaa uumu? Akka killee lukkuu jirtu'urraa uumu'uu,

وَيُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ

*Eenyu namni dubbii waan uumame hunda laalee deemsisu, ji'ii gaafadhu,

وَمَنْ يَدْرِبُ الْأُمَمَ

*Duuba yoo akkanatti gaafatte Rabbumaatu waan kana hunda uume jechuudhaf jiraatan, **31** } *Duuba akki jettuun:eega kana beytanii maalif isa sodaattanii ittin amanne ji'iin?,

فَسَيَقُولُونَ اللَّهُ

فَقُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ ﴿٣١﴾

*Kan waan kana uume, Rabbiin keessan kan haqaatii,

فَذَلِكُمْ اللَّهُ رَبُّكُمُ الْحَقُّ

*Eega haqaatii jallina malee maaltu jira,

فَمَا ذَا بَعْدَ الْحَقِّ إِلَّا الضَّلَالُ

32 } *Duuba isatti amanu'urraa eessa oriitan, takkaa gara galtaan? odoo ragaan wanni amanu'utti isin yaamu, argamee jiruu?

فَأَنْ تَصْرَفُونَ ﴿٣٢﴾

*Akkuma kuffaari kun, odoo beekhanuu amanuu didanitti ,

كَذَلِكَ

*Jechi Rabbii keetii, firidiin isaa, warra karaa Rabbirraa bayetti muramte, isaaninan ibidda guuta je'ee,

حَقَّتْ كَلِمَتُ رَبِّكَ عَلَى الَّذِينَ فَسَقُوا

33 } *Isaan hin amanan, Rabbiin sababaa isaan jallataniif, badii itti muree, dhiyana azaabaa isaan godhuu dabarsee, hin amanan.

أَنَّهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٣٣﴾

*Ammas warra Rabbitti waa qindeessun akki jettu; mee waan isin Rabbitti qin deessitanii gabbartanirraa namni waa jalqabee uumu jiraa?

قُلْ هَلْ مِنْ شُرَكَائِكُمْ مَنْ يَبْدُوا الْخَلْقَ

*Kan eega wanni sun dhabamtee ,deebisee uumu, jiraa ji'iin?

ثُمَّ يَعِيدُهُ

*Yoo isaan deebisaa gaaffii kana kennuu baatan, ati deebisaa kennii, Rabbiitu jalqabee, uumee, eega wanni uumame dhabamtee deebisa ji'iin, deebisaan gaaffii tanaa, tana malee hin jirtuu,

قُلِ اللَّهُ يَبْدُوا الْخَلْقَ ثُمَّ يَعِيدُهُ

34 } *Duuba mee akkamitti ibaadaa isarraa gara galtaan? Odoo wanni isa gabbaru'utti isin yaamu jirtuu.

فَأَنْ تَوْفَكُونَ ﴿٣٤﴾ قُلْ

*Mee warra isin Rabbii achitti ibaadaniirraa namni karaa haqaa nama qajeelchu ,kan qajeelloo uumu jiraa? Ji'iin,

هَلْ مِنْ شُرَكَائِكُمْ مَنْ يَهْدِي إِلَى الْحَقِّ

*Duuba yoo isaan deebisaa hin enning , kan karaa nama qajeelchu Rabbi, waan biraatii mitii ji'iin,

قُلِ اللَّهُ يَهْدِي لِلْحَقِّ

*Duuba si nama haqatti nama qajeelchutu dubbii isaa dhagayanii jala deemuu haqa godhata moo, sun Rabbii,

أَمْ مَنْ يَهْدِي إِلَى الْحَقِّ أَحَقُّ أَنْ يُنَبَّعَ

*Nama haqatti nama hin qajeelchine kan

أَمْ لَا يَهْدِي إِلَّا أَنْ يَهْدَى

ifumaafuu qajeelfamu'utti ,yookaa nama isa qajeelchutti haajamuutu,jala deemuu haqa godhata? Ji'iin. Namni jala deemuu haqa godhatu, namuma qajeelloo uumee qajeello'otti nama yaamu, takkaa nama qajeelchu, sun Rabbii {waaqa} tokkicha,

35} *Maaltu isinitti bu'ee, takkaa maal

فَأَلَمْ يَكْفِ تَحْكُمُونَ

argattanii akka male'etti firdii gootan, nama jala deemuu haqan godhanne jala deemtanii,kan ibaadaa haqan godhanne ibaaddanii, yookaa gabbartanii, kan haqa godhatu dhiiftanii.

*Warri Rabbii achitti, waan biraa Rabbi

وَمَا يَنْبَغُ أَكْثَرُهُمْ إِلَّا ظَنًّا

je'ee gabbaru sun, seyiinsa jala deemaniiti waan san ibaadana malee, ibaadaa haqa godhataa hubataniitii miti, abbootii isaanii tan waan san ibaaddu arganiituma, wanni sun ibaadaa haqa godhattii seyani gabbaran, yookaa ibaadana,

*Seyiinsi beekkomsa dhuga'arraa nama hin duroomsu, wanni towghiida yookaa aqiidaa keessatti itti irkatanii dalagan, beekkomsa malee seyiinsaa miti,

إِنَّ الظَّنَّ لَا يُغْنِي مِنَ الْحَقِّ شَيْئًا

36} *Rabbiin waan ormi kuffaaraa dalagu ni beekaa, isaan qixaaxu'uu taa'a.

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ بِمَا يَفْعَلُونَ

*Qur'aanni kun waan Rabbii achitti namni fiduu dandayuu miti, waan kijibaa kan Rabbiitu je'ee je'anii Rabbirraa kaayanii miti,

وَمَا كَانَ هَذَا الْقُرْآنُ أَنْ يُفْتَرَى مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Haa tayuu inni kan waan Rabbiin buuse, kitaabban isa dura buufame kan akka toorraat dhugo'oomsu'

وَلَكِنْ تَصَدِّقَ الَّذِي بَيْنَ يَدَيْهِ

*Ammallee kan waan Rabbiin katabe shar'iaa, takkaa heera tayuu, waan biraa tayuu, adda babaasee ibsee dubbatu,

وَتَفْصِيلَ الْكِتَابِ

*Shakkiin isa keessa hin jirtu

لَا رَيْبَ فِيهِ

37} *Akka inni Rabbumarraa dhufe, isumaatu buusee shakkiin hin jiru.

مِنْ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٣٧﴾

*Si inumaa isaan qur'aana, Muhammadumaatu if biraa kaasee je'e malee, waan Rabbiin irratti buusee miti, je'anii?

أَمْ يَقُولُونَ افْتَرَاهُ

*Duuba Rabbiin nabi muhammadiin akki

قُلْ فَأَنزِلُوا سُورَةَ مِثْلِهِ

je'e; orma kuffaaraa, kan qur'aana, sumaatu fide malee, Rabbiin hin buufne je'un akki jettu :mee isin nama akka kiyyatti afaan arabaa beekhuu suuraa takkitti gabaabduu qur'aana fakkaattu fidaa ,tan akka qur'aanatti, waan dabre, waan dhufaa jiru, odeessitu,

*Nama yaammattuu dandeessan hunda yaammadhaa, warra suuraa qur'aanaa fidu'urratti isin gargaaru, Rabbi achitti ,

وَادْعُوا مَنْ آسَاطَعْتُمْ مِنْ دُونِ اللَّهِ

38} *Yoo kan qur'aanni, waan muhammad fide jechaa keessatti, kan dhugaa dubbattan taatan, duuba suuraa akka qur'aana fiduu dadhaban, hoggaa san Rabbiin akki je'e.

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٣٨﴾

*Jarri kuffaaraa sun, waan hin beeyne kiji-

بَلْ كَذَّبُوا بِمَا لَمْ يُحِيطُوا بِعَلَمِهِ

bsiisan qur'aana Rabbiin buuse, odoo gad qabani laalanii, akka Rabbi buusefii, akka namni biraa je'e hin hubatin, ka'anii Rabbiin hin buufne je'anii kijibsiisan, silaa odoo akkaan laalanii, waan inni odeessu, kan dabreefii, kan dhufaa taa'u arganiiti akka Rabbumti buuse beekhanii itti amanan,

*Ormi kuffaaraa sun fassaarii waan qur`a-

وَلَمَّا يَأْتِهِمْ تَأْوِيلُهُ

nni dubbatee, kan akka isaan qixaaxu'uu hin agarre takkaa isaanitti hin dhufne, gaafa hiikkan isaa yookaa tafsiirri isaa isaanitti argamee fassarame beekhu'uuf taa'an, gaafa wanni qur'aanni dubbatu isaanitti argame akka Rabbiin isa buuse beekhu'uuf taa'an,

*Akkuma kuffaarri kun si kijibsiisetti yookaa qur'aana kijibsiisetti,

كَذَلِكَ

*Warri isaan duraa ergamoota, an, isaanitti erge kijibsiisanii, duuba lafarraa isaan fin'e,

كَذَّبَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

39} *Mee warra ergamoota kijibsiisu'uun if miidhe, bakka itti booda aanan laali ,akka itti isaan qixaan'ee,balaa isaanitti buufne, du-uba warra si kijibsiise,akka warra isaan du-ra dabre goone goonaa beekhi, yaa ergamaa kiyya muhammad.

*Kuffaara makkarraa nama qur'aana kanatti amanu'uu taa'utu jira, haa turulle'ee, waan Rabbiin amanuu isaa dabarseef jecha,

*Ammas orma kuffaararraa nama qur'aan-atti hin amanne kan kufri'irratti du'uudhaa taa'utu jira, waan Rabbiin amanuu dhabuu isaa dabarseef,

40} *Rabbiin kee,warra waa balleessu, ni beekha .

*Warri kuffaaraa kun, eega karaa hundaan, islaamatti isaan yaamtee, yoo si kijibsiisan ,

*Wanni isaanin jettu:an dalagaa tiyyarraan gaafatama

*Isinis dalagaa teessanirraa gaafatamtan,

*Isin waan an dalagurraa qulqullu'uu irraa hin gaafatamtan jechu',

41} *Anis waan isin dalaydanirraa qulqull-u'u, irraa hin gaafatamu jechu.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma kuffaararraa nama hoggaa ati qur'aana qaraatu si dhaggeeffatuutu, yookaa si caqasuutu jira, kan waan dhagayanitti hin fayyadamne,

*Si ati nama duudaa ni dhageessiftaa?

42} *Odoo duudummaa qabaatu'uun wajjiin warra waan aylifanne tayanille'ee? Rabbiin warra dhagayu, kan waan dhagayuun hin gorfamne, warra gurra hin qabnetti fakkeesse . Fayyadamuu dhabuu keessatti.

فَانظُرْ كَيْفَ كَانَتْ عَاقِبَةُ الظَّالِمِينَ ﴿٣٩﴾

وَمِنْهُمْ مَنْ يُؤْمِنُ بِهِ

وَمِنْهُمْ مَنْ لَا يُؤْمِنُ بِهِ

وَرَبُّكَ أَعْلَمُ بِالْمُفْسِدِينَ ﴿٤٠﴾

وَإِنْ كَذَّبُوكَ

فَقُلْ لِي عَمَلِي

وَلَكُمْ عَمَلُكُمْ

أَنْتُمْ بَرِيضُونَ مِمَّا أَعْمَلُ

وَأَنَا بَرِيءٌ مِمَّا تَعْمَلُونَ ﴿٤١﴾

وَمِنْهُمْ مَنْ يَسْتَمِعُونَ إِلَيْكَ

أَفَأَنْتَ تُسْمِعُ الصَّمَّ

وَلَوْ كَانُوا لَا يَعْقِلُونَ ﴿٤٢﴾

*Ammas, orma kuffaararraa ,nama gara kee laalutu jira, hoggaa ati qur'aana qaraatu, kan si laaluu malee, qalbiin isaanii duuda'aa, 43}*Duuba ati warra qalbiin isaanii balla'aa, odoo kan haqa hin agarrellee tayanii, ni qaceelchitaa? Isaan ijaan si laalan malee, qalbiin isaanii balla'aa.

*Rabbiin waa takka,nama hin miidhu, akka malee isaan hin godhu, 44}*Haa tayuu namaatu if miidha malee kharaa haqarraa maqanii,qixaaxa warra jallatee mudatanii.

*Rabbiin akki je'e: warri if miidhe sun hoggaa guyyaa boruu qabri'ii kaafnee, walitti qabne , akka waan qabrii keessa takkaa addunyaa keessa saa'aa takka qofa , guyya'arraa, taa'aniiti itti fakkaatti, cinqiin isaanitti jabaatuu keessa, takkaa wanni argan itti hammaatuu keessa,

*Guyyaa qabri'ii kaafnee walitti isaan qabne achitti warri dur wajji jiru, wal arga,wal beekha,ammo eegasii wal beekhun isaanii adda cita cinqiin itti jabaatuu keessa wal wallaalanii,

*Dhugumaan warri qabri'ii kaafamanii Rabbi isaanii arguu khijibsiisan sun, khasaaraman takkaa badan,

45}*Isaan warra qajeelen taane.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad yoo orma kuffaaraa san, odoo ati jirtuu, garii waan , takkaa balaa isaanin sodaachifnee isaanitti buufnee si agarsiifne

*Takkaa yoo odoo isaanitti balaa hin buusin ati aakhiramte, takkaa duute,

*Hundi isaanii gara keenya deebi'an,

46}*Duuba eegasii Rabbiin,balleessaa isaan dalagan isaanitti odeeseti, Ragaa itti ba- yee ,qixaaxa jabaa isaan qixaaxa.

وَمِنْهُمْ مَّن يَنْظُرُ إِلَيْكَ

أَفَأَنْتَ تَهْدِي الْعَمَىٰ وَلَوْ كَانُوا لَا

يُبْصِرُونَ ﴿٤٣﴾

إِنَّ اللَّهَ لَا يَظْلِمُ النَّاسَ شَيْئًا

وَلَكِنَّ النَّاسَ أَنفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿٤٤﴾

وَيَوْمَ يُحْشَرُهُمْ كَأَن لَّمْ يَلْبَسُوا إِلَّا سَاعَةً مِنَ النَّهَارِ

يَتَعَارَفُونَ بَيْنَهُمْ

فَدَحِيسَ الَّذِينَ كَذَبُوا بِلِقَاءِ اللَّهِ

وَمَا كَانُوا مُهْتَدِينَ ﴿٤٥﴾

وَإِمَّا نُرِيَنَّكَ بَعْضَ الَّذِي نَعِدُهُمْ

أَوْ نُوَفِّئَنَّكَ

فَالْيَتَامَىٰ مَرْجِعُهُمْ

ثُمَّ اللَّهُ شَهِيدٌ عَلَىٰ مَا يَفْعَلُونَ ﴿٤٦﴾

*Ummanni hundi anbiyyicha isaanitti ergame qaban,

*Duuba hoggaa ergamaan isaanii itti dhufee qeebaluu didanii, kijibsiisan,

*Haqaan firidiin isaan jiddu'utti godhamee ,duuba Rabbiin isaan fixee nabiiyyichaafii warra isa dhugo'oomse nagaya baasee,orma kuffaaraa sanirra isaan aansaa,

47} *Ormi kuffaaraa sun qixaaxa haqa go-dhataniiti qixaaxamanii, haqa malee qixaaxamanii hin miidhaman,duuba ummata si kijibsiise akkas goonaa beekhi.

*Ormi kuffaaraa;hoggaa amanaa, hoggaa taan ni yakkamtanii je'aniin, wanni isaan je'an, gaafam azaabni yookaa qixaan'i Rabbiirraa nutti dhufaa je'an,

48} *Yoo kan dhugaa dubbattan taatan.

*Wanni isaanin jettu; an lubbuu tiyyarraa waan hamtuu deebisuu hin dandayuu,

*Ammallee waan gaarii lubbuu tiyyaaf godhuu hin dandayuu,

*Waan Rabbiin na dandeessise malee, duuba mee akkamittan guyyaa azaabni Rabbii isinitti bu'u,harkaa isinii qaba? Ji'iin,

*Ummanni hundi gaafa keessatti dhumu qaba, namni hundi gaafa keessa du'u qaba, kan Rabbiin muree dabarse,

*Hoggaa guyyaan sun dhufe , yookaa waytiin keessa dhuman dhufte, irraa boodan aanan,

49} *Duras hin dabran.

*Orma kuffaaraa kan si kijisiise saniin akki jettu,mee naa odeessaa takkaa, akka taatan naa himaa ji'iin,

*Yoo sababaa isin na kijibsiiftaniif, azaabni Rabbii isinitti dhufe,

وَلِكُلِّ أُمَّةٍ رَسُولٌ

فَإِذَا جَاءَ رَسُولُهُمْ

فُضِيَ بَيْنَهُمْ بِالْقِسْطِ

وَهُمْ لَا يظلمون ﴿٤٧﴾

وَيَقُولُونَ مَتَى هَذَا الْوَعْدُ

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٤٨﴾

قُلْ لَا أَمْلِكُ لِنَفْسِي ضَرًّا

وَلَا نَفْعًا

إِلَّا مَا شَاءَ اللَّهُ

لِكُلِّ أُمَّةٍ أَجَلٌ

إِذَا جَاءَ أَجْلُهُمْ فَلَا يَسْتَجِرُّونَ سَاعَةً

وَلَا يَسْتَفْتِحُونَ ﴿٤٩﴾

قُلْ أَرَأَيْتُمْ

إِنْ أَتَاكُمْ عَذَابُهُ

*Halkan keessa, kan isin ifirraan agarre ,

بَيْنَنَا

*Takkaa guyyaa keessa, isinii argu isinitti dhufe,

أَوْ مَهَارًا

50} *Maali, wanni warra Rabbitti balleesse jarjarsiifatu, kan sanirra hama'a? lakkii, kan sanirra hama'aa hin jiru jechu'.

مَا ذَا يَسْتَعْجِلُ مِنْهُ الْمُجْرِمُونَ ﴿٥٠﴾

*Si eega azaabni isinitti bu'eeyti Rabbi tti amanu'uu teessanii ? hoggaa azaaba ijaan agartan amantanii? Eega azaaba ijaan agartanii, isinitti bu'ee amanuun isinirraa hin qeebalamu,

أَنْتُمْ إِذَا مَا وَقَعَ آمَنْتُمْ بِهِ ۚ

*Wanni isiniin je'amu; si amma eega azaabni isinitti bu'ee amantanii?

ءَأَنْتُمْ

51} *Kan yaa Rabbi nutti buusi jettanii , jarjarsiifattanii jirtan? qishna'aaf jecha

وَقَدْ كُنْتُمْ بِهِ تَسْتَعْجِلُونَ ﴿٥١﴾

*Duuba warra Rabbitti kafaree if miidhen , wanni je'amu, azaaba zalaalamii keessa teessan dhandhamaa,

ثُمَّ قِيلَ لِلَّذِينَ ظَلَمُوا ذُوقُوا عَذَابَ الْخُلْدِ

52} *Si waan isin dalaydan malee , waan biraatin ni qixaaxamtanii ? qixaan'I isin mudattan kun, sababaa dilii isin dalaydani, Rabbitti balleessitaniifi malee, waan biraatifi miti jechu'.

هَلْ تُجْزَوْنَ إِلَّا بِمَا كُنْتُمْ تَكْسِبُونَ ﴿٥٢﴾

*Duuba ormi kuffaaraa sun eega duunee kaafamuun, ammallee azaabni ati nuun sodaachiftu kun dhugumaa {haqumaa}? Je'ani-iti si gaafatanii, takkaa si odeeffatanii,

وَيَسْتَدْعُونَكَ أَحَقُّ هُوَ

*Duuba eeyee dhuga'a, abbi kiyyaan kakhadhee ji'iin,

قُلْ إِي وَرَبِّي إِنَّهُ لَحَقٌّ

53} *Gara azaaba Rabbii jalaa itti baatan hin qabdan.

وَمَا أَنْتُمْ بِمُعْجِزِينَ ﴿٥٣﴾

*Lubbuun cubbuu dalayde hundi, tan Rabbitti kafarte tan namatti roorriftee, azaaba mudatte hundi, odoo horiin addunyaa tanarra jiru hundi kan isi'ii tayee

وَلَوْ أَنَّ لِلْكَافِرِينَ نَفْسٍ ظَلَمَتْ مَا فِي الْأَرْضِ

*Silaa guyyaa qiyaama'aa horii san hunda

لَأَفْتَدَتْ بِهِ ۚ

kenniteeti, azaaba jalaa if baasuu barbaaddi, haa tayuu horii san hin qabdu, qabaatullee irraa hin qeebalamu, karaa azaaba jalaa itti bayan hin qaban, yoo

amanuu taate malee, addunyaa tanarratti, odoo azaabni itti hin dhufne,

*Ormi kuffaaraa matootin nama jallife

وَأَسْرُوا النَّدَامَةَ لَمَّا رَأَوْا الْعَذَابَ

sun, hoggaa guyyaa qiyaama'aa azaaba argan, maalif amanuu oolle je'aniiti sheenayan, haa tayuu sheenaa isaanii orma isaan jala deemee kafarerraa dho-yfatan, akka isintu nu kafarsiisee azaaba kana nu mude nuun je'anii, nuun qaanessine'eef,

*Duuba hoggaa guyyaa qiyaama'aa namuu qabri'ii kaafamee, wal gaye, Rabbiin isaan jiddu'utti firdii yookaa murtii godha, karaa qixxumma'aatin,

وَقَضَىٰ بَيْنَهُم بِالْقِسْطِ

54} *Isaan hin miidhaman nam tokkolleen waan hin dalaginiif yakkamee hin miidhamu, namuu woma ifii dalagerraa gaafatamee qixaaxama, yookaa qanani'ama.

وَهُمْ لَا يَظْلَمُونَ

*Dhagaya'aa beekhaa, wanni sami'ii, dachii keessa jiru ta Rabbiiti, isaatu uumee, isaatu qaba,

أَلَا إِنَّ لِلَّهِ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Wanni Rabbiin ni taati je'ee, nuu odesse, qabri'ii nama kaasuuufii warra baleesse qixaaxee, warra tole badhaasun, haqaa beekhaa

أَلَا إِنَّ وَعْدَ اللَّهِ حَقٌّ

55} *Haa tayuu irra hedduun namaa dubbii tanan baaku.

وَلَكِن أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ

56} *Rabbiin kan jiraachisu kan ajjeesu ebi eega, duutanii gara isaati ebitanii, duuba waan dalaydan hundarraa isin gaafata, kan tole jannata seensisee, kan bade azaaba seen-sisu'uuf.

يُحْيِي، وَيُمِيتُ وَإِلَيْهِ تُرْجَعُونَ

*Yaa warra makkaa, takkaa yaa ilmaan namaa, gorsi isin qajeelchu Rabbii keessanirraa isinitti dhufe, sun qur'aanaa, kan gorsi waan gaari'itti isin kaasee, waan hamtu'urraa isin dhoowwu, keessa jiru,

يَأْتِيهَا النَّاسُ قَدْ جَاءَتْكُمْ مَوْعِظَةٌ مِنْ رَبِّكُمْ

*Qur'aana dhukkuba qomaatif, dawa'aa, dhukkubni qomaa kufri'ii, ammallee dilii biraati, ammallee akkasuma dhukkuba biraatif qur'aanni dawa'a,

وَشَفَاءٌ لِمَا فِي الصُّدُورِ

*Qur'aana karaa Rabbii nama qajeelchee ,
dukkana kufri'irraa nama baasu,
57} *Ammallee qur'aana rahgmata warra
isatti amanee itti dalageef, qabuutu isinii
dhufee jiraa,qeebala'aa itti amanaa.

وَهْدَى

وَرَحْمَةً لِّلْمُؤْمِنِينَ ﴿٥٧﴾

*Yaa ergamaa kiyya muha mmad,wanni
isaanin jettu; yoo kan waan argattaniin ga-
mmaddan taatan, fadlii Rabbiitin gammadaa
ji'iin, fadliin Rabbii ; islaamaa,
*Ammallee rahgmata Rabbiitin gammadaa
ji'iin, rahgmanni Rabbii qur'aanaa,
*Islaama Rabbiin isaanii kenneen haa ga-
mmadanii,
58} *Qur'aanafii islaama qabatanii , saniin

قُلْ يَفْضَلِ اللَّهُ

وَبِرَحْمَتِهِ

فِيذَلِكَ فَلْيَفْرَحُوا

هُوَ خَيْرٌ مِّمَّا يَجْمَعُونَ ﴿٥٨﴾

gammadu'uutu, waan addunyaa tanarraa walitti qabatanirra caalaa , {nabi
muhammad akki je'e; namni Rabbiin iimaana qalbii isaa seensisee, qur'aana isa
barsiise, duuba eegasii hiyyummaa himate, hiyyummaa Rabbiin ija isaa lam-
aan jiddu'utti katabe, hanga guyyaa Rabbi argutti} je'ee, nabi muhammad
eegasii aayata kana qara'e.

*Orma kuffaaratiin mee naa odeessaa ji'i,

قُلْ أَرَأَيْتُمْ

*Waan yookaa rizqii Rabbiin isiniif uume
,kan akka hori'ii, gaalaa,re'eedhaa, kan akka
mukaa, midhaanii,

مَا أَنْزَلَ اللَّهُ لَكُمْ مِّن رِّزْقٍ

*Kan waan Rabbiin isinii uume san garii

فَجَعَلْتُمْ مِّنْهُ حَرَامًا وَحَلَالًا

haraam takkaa dhoowwama gootanii, nyaatuu isaa dhiiftanii, garii halaal go-
otan, kan akka wanni garaa horii kanaa keessa jiru, dhiira teenyaf nyaatun ni
gayaa, dhalaa keenyaf hin gayu jettan, kanarraa mee naa odessaa ji'iin,

*Akka jettuun; si Rabbiitu akkas je'ee iznii
isiniin godhemoo,

قُلْ إِنَّ اللَّهَ أَدَّبَ لَكُمْ

59} *Kijiba Rabbirra keessan? waan inni hin
je'in Rabbiitu akkana je'e jettanii , kijiba
Rabbirra keessan jechu.

أَمَرَ عَلَى اللَّهِ تَفَتُّرُونَ ﴿٥٩﴾

*Warri kijiba Rabbirra kaayu, guyyaa qiya-
ama'aa akkam tayyuu if seya? Guyyaan sun,
guyyaa namni waan gaarii dalage badhaa-
famee, namni hamtuu dalage qixaaxamuu,
maaltu isaanitti gaafas bu'a seyan?,

وَمَا ظَنُّ الَّذِينَ يَفْتَرُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ يَوْمَ

الْقِيَامَةِ

*Rabbiin kan namaaf arja'oomu, kan isaan

إِنَّ اللَّهَ لَذُو فَضْلٍ عَلَى النَّاسِ

argamsiisee, waan isaan jiraataniin hunda isiniif uumee isaan badhaase, odoo waa takka isinirraa hin fudhatin, tanaaf jecha wanni isnirratti jiru, galata isaa galchu', keessattuu aylii isaanii kennee, nabiiyii isaanii ergee, waan hamtu'uu gaarii adda isaanii baaserratti akkaan galata Rabbiif galchuu,

60 *Haa tayuu irra hedduun namaa Rabbiif galata hin galchu moroma'aaf, takkaa wal-laalaf, diinaa Rabbiin isaanii kenne, qur'aana inni isaanii buuse hin qeebalan, jala hin de-eman.

وَلَكِنْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَشْكُرُونَ ﴿٦٠﴾

*Haala tokkottillee kan jiraattu hin taatu, takkaayuu; waa takka kan dalaydu hin taatu, yaa ergamaa kiyya muhammad,

وَمَا تَكُونُ فِي شَأْنٍ

*Akkasuma qur'aana Rabbirraa, waan qaraatu,

وَمَا تَتْلُوا مِنْ قُرْآنٍ

*Akkasuma hundi keessan dalaga'arraa waa takkan dalaydan,

وَلَا تَعْمَلُونَ مِنْ عَمَلٍ

*Nuu isin argu, yookaa isin eegu taanu malee, akkana jechuun: waan isin dalaydaniifii, waan isin taatan, hunda quba qabna jechu',

إِلَّا كُنَّا عَلَيْكُمْ شُهُودًا

*Waytii isin itti seentan, takkaayuu qabattan,

إِذْ تُفِيضُونَ فِيهِ

*Rabbii keetirraa hin fagaatu, yookaa hin dhokhatu,

وَمَا يَعْزُبُ عَنْ رَبِّكَ

*wanni hanga miizaana {zharra'aa} Rabbirraa hin dhokhatu {zharraan} mixii xixiqqo'oo,

مِنْ مَثْقَالِ ذَرَّةٍ

*Dachi'iifii samii keessatti irraan dhokhatu,

فِي الْأَرْضِ وَالْأَسْمَاءِ

*Wanni mixi'irra xiqqo'ootifii, tan isi'irra guddo'olleen Rabbirraan dhokhatu,

وَلَا أَصْغَرَ مِنْ ذَلِكَ وَلَا أَكْبَرَ

61 *Wanni hundi waan kitaaba waa ibsu keessatti Rabbiin katabee dabarse malee, waan biraatii miti, sun lowhgalmaahgfuzii.

إِلَّا فِي كِتَابٍ مُبِينٍ ﴿٦١﴾

*Dhagayaa, awliyoonna Rabbii, waan ifirratti sodaatan hin qaban, Rabbiitu isaan eegee, waan sodaatamaa hunda addunyaa tanarratti isaanirraa deebisaa,

أَلَا إِنَّ أَوْلِيَاءَ اللَّهِ لَا خَوْفٌ عَلَيْهِمْ

62} *Ammallee awliyoonni Rabbii aakhir-
a'attis waan gaarii dhabne je'anii hin yaad-
dawan, waan gaarii hunda argatanii.

وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿٦٢﴾

63} *Awliyoonni Rabbii, warra Rabbitti

الَّذِينَ ءَامَنُوا وَكَانُوا يَتَّقُونَ ﴿٦٣﴾

Amane,kan rasuula yookaa ergamaa isaa muhammadittis amane, waan inni Rabbirraa dhufeen hunda dhugo'oomsee, Rabbi sodaatee, waan inni itti ajaje dalagee, waan inni irraa dhoowwerraa dhoowwamu.

*Warra Rabbitti amanee, Rabbi sodaatuf

لَهُمُ الْبُشْرَىٰ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

addunyaa tanarratti waan isaan gammachiisutu jira, wanni owliyaa Rabbii gammachiisu, addunyaa tanarratti manaama gaarii ifumaa argu'u, takkaa namni isaanii argu', takkaa namni hundi isaan jaalatu'u, takkaa hoggaa du'aa ka'an bakka gaarii Rabbiin aakhira'atti isaanii qopheesse arguu, takkaa eega isaan du'anii namni waan gaari'iin isaan dubbatuu, gammachuun awliyoonni addunyaa tanarratti argatu tana,

*ammallee awliyoonni aakhira'atti waan isaan gammachiisu qaban, sun jannataafii Rabbii isaanii argu'uu, kun waan Rabbiin baallama seene,

وَفِي الْآخِرَةِ

*Jechi Rabbii hin jirjiiramu, baallamni isaa hin diigamu,

لَا يَبْدِيلُ لِكَلِمَاتِ اللَّهِ

*wanni Rabbiin addunya'aa aakhira'atti awliyootaa kennee, gammachiisun sun,

ذَلِكَ

64} *Milkiin guddoon isuma .

هُوَ الْقَوْمُ الْعَظِيمُ ﴿٦٤﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad wanni ormi kuffaaraa je'u, malli isaan si miidhu'uu dhawan ,sin sodaachisin, sin yaachisin, waa takkallee si godhuun dandayanii,

وَلَا يَحْزَنُكَ قَوْلُهُمْ

*Injifannaan, mirgi, yookaa irra aanun, hundi waan Rabbiitii, kan nama biraatii mitii, Rabbiin isaan cabseeti, isaanirraa si aansaa, waa takka hin sodaatin.

إِنَّ الْعِزَّةَ لِلَّهِ جَمِيعًا

65} *Rabbiin kan waan isaan je'an dhagayu ,kan waan isaan dalagan beekhu, duuba Rabbiin waan isaan sitti dalagu'uu deeman, harkatti balleessaa hin yaaddawin.

هُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿٦٥﴾

*Dhagayaa, warri sami'iifii dachii keessa jiru ,kan akka malaayka'aa, ammallee namaafii jinni'ii , ammas wanni biraa hundi kan Rabbiiti, isaatu uumee, isaatu qabaa , namni tokkolleen isaanirraa Rabbitti qindaayuu haqan godhatu,

*Warri Rabbitti waa qin deessee, Rabbii achitti gabbaru, waan Rabbitti qindeessan san, waan dhuga'aa kan qabatanii, Rabbitti waan san qindeessu'utti gayan, hin qaban,

*Wanni isaan jala deemanii Rabbitti waan

san qindeessaniif, waan biraatii mitii , seyiinsa, wanni isaan gabbaran sun Rabbitti qindooytii seyaniiti, qindii Rabbii je'anii yaamanii gabbaran malee, waan hubatanii gabbaranii miti

66} *Isaan ni kijiban malee dhugaan dubatan , waan dhuga'aa, kan Rabbiif hiriya godhu'utti isaan kaase, hin qaban, waan kijibaa malee.

*Rabbiin dhuga'aa kan ibaaddu haqa godhatu , isa halkan isinii uumee , dukkaneesse , akka isa keessatti dalaga'arraa hara baafattani'iif jecha,

*Kan guyyaa ifaa godhee isinii uume akka isa keessa, waan deemtaniif hunda agartanii dalaydaniif,

67} *Rabbiin halkanii guyyaa akkanatti uumuu keessa, waan dandeytii Rabbii nu agarsiisutu, takkaa ragaa isaatitu jira, warra dubbii dhagayuuf, dhageeytii qeebalu'uu, dhageytii diddu'uutii mitii.

*Ormi kuffaaraa akki je'e Rabbiin ilma godhate, ilmoo qaba je'an akka nasaaran iisan ilma Rabbiiti jette,

*Rabbiin ilmoo qabaatu'urraa qulqulluu,

*Rabbiin dureessan haajamne , namni ilmoo

barbaadu, nama laafaa ilmo'oon jabaatu'uu deemu, nama hiyyeessa , ilmo'oon

أَلَا إِنَّ لِلَّذِينَ فِي السَّمَوَاتِ وَمَنْ فِي الْأَرْضِ

وَمَا يَتَّبِعُ الَّذِينَ يَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ شُرَكَاءَ

إِنْ يَتَّبِعُونَ إِلَّا الظَّنَّ

وَإِنْ هُمْ إِلَّا يَخْرُصُونَ ﴿٦٦﴾

هُوَ الَّذِي جَعَلَ لَكُمْ اللَّيْلَ لِتَسْكُنُوا فِيهِ

وَالنَّهَارَ مُبْصِرًا

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِقَوْمٍ يَسْمَعُونَ ﴿٦٧﴾

قَالُوا اتَّخَذَ اللَّهُ وَلَدًا

سُبْحٰنَهُ

هُوَ الْعَلِيُّ

duroomu'uu deemu . duuba Rabbiin jabaa laafinan qabne . dureessa hiyyu-mmaa hin qabnee akkamitti ilmo'otti haajama ? hin haajamu jechu' .

*Wanni sami'ii dachii keessa jiru hundi kan Rabbiitii isaatu uumee, isaatu qaba, hundi gabroottan isaatii, akkamitti mee ilmumma'aafii gabrummaan walitti qabamti ?,

لَهُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

*Waan jettan kanarratti ragaan qabdan .warri Rabbiin ilmoo qaba je'u,waan, ragaa ayl-i'itifii, ragaa waan birarrallee ittin qabne je'an

إِنَّ عِنْدَكُمْ مِّن سُلْطٰنٍ بِهٰذَا

68} *Si waan hin beynee Rabbirra keessanii, Rabbiin ilmoo qaba jettanii? Khijibdanii.

أَتَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٦٨﴾

69} *Yaa ergamaa khiyya muhammad orma kuffaaratiin akki jettu,warri khi jiba Rabbirra khaayu, hin milkaayu azaaba Rabbii jalaa bayanii, jannata hin seenanii, beekhaa ji'iin .

قُلْ إِنَّ الَّذِينَ يَفْتَرُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ لَا يُفْلِحُونَ ﴿٦٩﴾

*Faaydan khijiba isaanii,hanguma addunyaa tana keessa jiran, sun khijiba khanaan, mootummaa jabeeffatanii, horii warra isaan, jala yaa'urraa argatuudha,

مَتَّعٌ فِي الدُّنْيَا

*Duuba, eega waa xiqqo addunyaa tana keessatti qanani'anii, du'aniiti, gara keenya deebi'an,

ثُمَّ إِلَيْنَا مَرْجِعُهُمْ

70} *Duuba eegasii azaaba jabaa isaan dhandhamsiifna, sababaa isaan Rabbitti kafaraniif .

ثُمَّ نُنذِرُهُمُ الْعَذَابَ الشَّدِيدَ بِمَا كَانُوا يَكْفُرُونَ ﴿٧٠﴾

*Oduu nabi nuuh isaanirratti qara'I ,takkaa dubbadhu waan isaafii ummata isaa jiddu'utti argame odeesse

وَأَتْلُ عَلَيْهِمْ نَبَأَ نُوحٍ

*Gaafa inni ummata isaatin , akka as deemu kana je'e,dubadhu,wanni inni je'e,

إِذْ قَالَ لِقَوْمِهِ

*Yaa ummata khiyya yoo kan an kharaa

يَقَوْمِ إِنَّ كَانَ كَبُرَ عَلَيْكُمْ مَّقَامِي

Rabbitti isin yaamun kun kan isinitti ulfaatu taate,takkaa an isin keessa taa'un, hanga bara {950} kan isinitti jabaatu taate{kabura} jechuun :{ulfaate } je-

chu'uu,

*Ammallee an aayata Rabbiitin isin gorsuun
yoo kan isinitti ulfaatu taate,

*An Rabbitti irkadhee ,dubbii tiya isatti
irkisee, itti kennadhee,

*Isin waan na godhu'uu deemtan ,hidha-
dha'aa itti ka'aa

*Isiniifii, warri isiniin wajji jirulleen,

*Duuba wanni na godhu'uu deemtan isin
duraa hin dhokhatinii, mul'isaa {ghummaa}
jechuun: {dhokhatu} jechu, waan na godh-
u'uu deemtan hin dhoysina'aa dirree ba-
asa'aa,

*Natti dalagaa waan natti dalaguu dan-
deessan,

71} *Qaaxaroo naan qabinaa, amallee narraa
boodan aansinaa .

*Yoo waanan an itti isin yaamu qeebaluu
diddan, yoo diinaa Rabbirraa gara galтан,
wanni narraa badaa hin jirtu,

*An karaa haqaatitti, isin yaamuu kanarratti,
isin isa qeebalu'uudharratti, waa naa kennuu
,takaa sawaaba, isin hin kadhaddhu .

*Galata dalagaa tiyyaa Rabbirraa malee

nama birarraan barbaadu, an isaa je'eetan karaa isatti isin yaamaa, yoo na dha-
gayuu diddani , karaa Rabbirraa gara galтан, waa takka narraa hin ir'atu, saw-
aaba khiyya Rabbiitu naa khennaa,

72} *An Rabbiin warra isatti amanerraa tay-
u'utti na ajajee, an warra isatti amanee dhug-
o'oomse. je'een.

*Duuba ummanni {nuuh} nabi nuuh dhag-

ayuu didaniiti, inumaa kijibsiisan ,duuba hoggaa san Rabbiin nabi Nuuhin,
safiiinaa takkaa, doonii, tolfadhuu nama sitti amaneeffii bineensallee keessatti
guuri je'eenii, nabi nuuh safiiinaa tolchee, nama isatti amaneeffii, bineensarraa
dhala'aa dhiira itti guuree, duuba Rabbiin bishaan lafaa burqisiisee, samiidha-
rraayis dhangalaasee, orma kuffaaraa kan nabi nuuh kijibsiise bishaan liqim-

وَتَذَكِّرِي بِآيَاتِ اللَّهِ

فَعَلَى اللَّهِ تَوَكَّلْتُ

فَأَجْمِعُوا أَمْرَكُمْ

وَشُرَكَاءَكُم

ثُمَّ لَا يَكُنْ أَمْرُكُمْ عَلَيْكُمْ غُمَّةً

ثُمَّ أَقْضُوا إِلَيَّ

وَلَا تُظْهِرُونَ ﴿٧١﴾

فَإِنْ تَوَلَّيْتُمْ

فَمَا سَأَلْتُكُمْ مِنْ أَجْرٍ

إِنْ أَجْرِي إِلَّا عَلَى اللَّهِ

وَأَمْرٌ أَنْ أَكُونَ مِنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿٧٢﴾

فَكَذَّبُوهُ

see, aga nabi nuuh faan, safiina'aan bishaan jalaa bayan, tanaaf Rabbiin akki je'e,

*Eega warra nabi Nuuhitti kafare, bishaan liqimsee, isaafii warra isatti amane, doonii keessatti nagaya baafnee,

فَجَئَتْهُ وَمَنْ مَعَهُ فِي الْفَلَكَ

*Warra ilmaan namarraa lafarratti hafee hore isaan goone,

وَجَعَلْنَاهُمْ خَلَائِفَ

*Warra aayata kheenya kijibsiise bishaanin

وَأَعْرَفْنَا الَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

lafarraa fin'e, tanaaf jecha nabi {nuuh} abbaa namaa, kan lameeysaadhaa je-'ama , akkuma nabi {aadam} abbaa namaa, kan duraa je'amu , maalif? Namni lafarra jiru hundi, ilmaan {nuuh} sadeenirra tokkotti deebi'aa, ilmaan nuuh sadeen: yaafith ,saam,hgaami,

73} *Boodden warra gorfamee gorfamuu

فَأَنْظُرْ كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُذْرِبِينَ ﴿٧٣﴾

didee, akka Taate ,mee laali, warri anbiyaa itti erginee, azaaban sodachifnee jannataan gammachiifnee, karaa kheyri'ii yaamnee, duuba ergamaa keenya kijibsiisanii kafaran, boodden isaanii akka taate laali? Akka ummata nuuhg taati jechu.

*Eega nabi nuuhgii ergamoota hedduu ergine ,kan akka {huud} {saalihg},

ثُمَّ بَعَثْنَا مِنْ بَعْدِهِ رَسُولًا

*Ummata isaanitti,

إِلَى قَوْمِهِمْ

*Duuba ergamoonni sun mukgjizaa, yookaa aga ergamoota Rabbii tayuu isaanii jabeessitu, takkaa jabeessun itti dhufan,

فَجَاءَهُمْ بِالْبَيِّنَاتِ

*Duuba sanumaan wajji isaan warra amanun taane, kufri'irratti didan,

فَمَا كَانُوا لِيُؤْمِنُوا

*Sababaa waan odoo ergamoonni sun ittin

بِمَا كَذَّبُوا بِهِ مِنْ قَبْلُ

dhufin dura, haqa kijibsiisuu turaniif, eega isaan itti dhufaniiyis akkasumatti haqa didu'urratti hafan, akkuma waan namni tokkolleen isaanitti hin ergaminitti haqa Rabbii kijibsiisu'urratti hafan,

*Akka qalbii jara kanaa haqa qeebalu'urraa duuchine, takkaayuu hiine, sababaa isaan ,karaa badaa filataniif,

كَذَلِكَ

74} *Qalbii warra haqa kijibsiisuu keessa wasanaa bayee, duuchinaa, hayn'I qalbii isaanii hin seenu.

نَطَّعُ عَلَى قُلُوبِ الْمُعْتَدِينَ ﴿٧٤﴾

*Eega anbiyoota dabreetii , nabi muusa'a-
afii obboleessa isaa haaruun ergine,

ثُمَّ بَعَثْنَا مِنْ بَعْدِهِم مُّوسَىٰ وَهَارُونَ

*Firkgawna mootii misraatiffii, ummata isa-
tti ergine,

إِلَىٰ فِرْعَوْنَ وَمَلَأَيْنَاهُ

*Mukgjizaa teenya sagaliin tan ergamoota
keenya tayuu isaanii mul'iftu akka san arg-
anii,karaa Rabbii qabataniif,

بِأَيِّنَّا

*Duuba if guddisanii, ergaa Rabbii qee-
baluu didan,

فَأَسْتَكْبَرُوا

75} *Isaan kuffaara, warra dilii gurguddoo
dalagu tayuu turan, tanaaf haqa qeebaluu
didanii if guddisan.

وَكَانُوا قَوْمًا مُّجْرِمِينَ ﴿٧٥﴾

*Duuba hoggaa hayn'I nu biraa isaanitti
dhufee haqa tayuu argan,

فَلَمَّا جَاءَهُمُ الْحَقُّ مِنْ عِنْدِنَا

76} *Wanni isaan nabi muusa'aan je'an;
wanni ati nuttiin dhufte kun,falfala mul'ata'a.

قَالُوا إِنَّ هَذَا لِسِحْرٌ مُّبِينٌ ﴿٧٦﴾

*Jennaan nabi muusan akki je'een ;si haqa

قَالَ مُوسَىٰ أَتَقُولُونَ لِلْحَقِّ لَمَّا جَاءَكُمْ

isinitti dhufeen ,inni kun sihrii ,yookaa falfala jettanii? Odoo hayn'I falfalaan
adda tayuu beeytanuu? Duuba ka'aniiti waan nama falfala beekhu taye biyya
misraa hundaa walitti qabani, mukgjizaan muusan dhufeen, falfalaa, isin wa-
rra akkaan sihrii beekhuu,falfala keessaniin falfala muusa'aa balleessaa je'aniin,
hoggaa san falfala akka biraa godhanii bofa gurguddaa godhanii, yaasani,
biyya sodaachisan, hoggaa san nabi muusan yaa Rabbi falfaltoonni firkgaw-
naa, falfala lafa guutee nama jallisu'uufii akkaman taya je'e, jennaan Rabbiin
nabi muusa'aan hin sodaatini falfala isaan bofaaffii, mukaaffii waan biraa
godhanii gad lakkisan san, ulee tee tanaatu balleessaa, ulee harkaa qabdu tana
itti gad lakkii je'een, duuba itti gad lakkifnaan uleen nabi muusan deemmatuun
waan falfaltoonni dalage, bofaaffii waan biraa kan isaan lagaaffii, karaa, bakka
hunda, guutani yaasani, namaan sodaachisan hunda,liqimsitee dhabamsii-
fee, uleen tan akka durarraa hin jirjiiramin harka nabi muusa'atti deebite, ho-
ggaa san nabi muusan akki je'e;

*Si wannin isiniitiin dhufe, mukgjizaan fal-
fala keessan balleessite tun ,sihriidhaa? Ta-
kkaa falfalaa je'een ,

أَسِحْرٌ هَذَا

77} *Warri sihrii godhu hin milkaayu, dub-
iin isaanii bakkan geessu je'een.

وَلَا يَفْلِحُ السَّاحِرُونَ ﴿٧٧﴾

*Jennaan firkgawnaafii ummanni isaa wanni

قَالُوا أَجِئْتَنَا لِنَلْفِنَا عَمَّا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آيَاتِنَا

nabi muusa'aan je'an;si, siifii obboleessi kee {haaruun}waan abbootii teeny-
arraa dhaalle,takkaayuu agarre, muka yookaa firkgawna ibaadu'urraa nu dho-
owwu'uu, takkaa nu deebisu'uuf nutti dhuftanii?

*Akka biyya misraa keessatti mootumma'a-
afii guddinni, kabajaan, isin qofaaf qulqull-
ooytu, takkaayuu taatuf jecha,

وَتَكُونُ لَكُمْ الْكِبْرِيَاءُ فِي الْأَرْضِ

78}*Nutti isin lamaan hin dhugo'oomsinu,
isinittin amannu je'aniin.

وَمَا نَحْنُ لَكُمْ بِمُؤْمِنِينَ ﴿٧٨﴾

79}*Duuba firkgawna nabi muusaa dura
dhaabbatu'uu jecha, warra sihrii akkaan be-
ekhu hunda biyya hunda keessaa walitti naa
qabaa naa fidaa, akka waan muusan dhufeen
balleessan je'e.

وَقَالَ فِرْعَوْنُ أَتَأْتُونِي بِكُلِّ سِحْرِ عَلِيمٍ ﴿٧٩﴾

*Duuba hoggaa warri falfala beekhu kan

فَلَمَّا جَاءَ السَّحَرَةُ

firkgawna walitti qabeefii, nabi muusan,dirree iidaa tan namni itti wal gayutti
wal gayan, namuu waan nabi muusa'aafii falfaltoonni wal godhu laalu'uuf
jecha, nama mooyatu beekhu'uuf jecha,

80}*Nabi muusan falfalootan akki je'e; fa-
lfala dalagu'uu dhuftan dalagaa, waan dar-
battan darbaddhaa.

قَالَ لَهُم مُوسَى أَلْقُوا مَا أَنْتُمْ مُلقُونَ ﴿٨٠﴾

*Duuba hoggaa isaan haadafii,muka, sihrii
itti godhanii,gad lakkisanii haanni bofa fak-
kaatee yaa'ee, nama sodachisu,

فَلَمَّا أَلْقَوْا

*nabi muusan akki je'e: falfalli,waan isin da-
laydan, takkaa dhuftaniin kana, waanan an
dhufeenii mitii,

قَالَ مُوسَى مَا جِئْتُمْ بِهِ السَّحَرُ

*Duuba Rabbiin waan kana balleessu'uuf ta-
a'aa beekhaa je'een,duuba ulee isaa itti ergee
balleessite,

إِنَّ اللَّهَ سَيَبْطِلُهُ

81}*Rabbiin dalagaa warra waa balleessuu
hin tolchuu, ni balleessa, badii isaanii ni
mul'isa.

إِنَّ اللَّهَ لَا يُصْلِحُ عَمَلَ الْمُفْسِدِينَ ﴿٨١﴾

*Rabbiin haqa ni jabeessa, gad dhaaba, ni mul'isa,

وَيُحِقُّ اللَّهُ الْحَقَّ

*Firdii isaatin yookaa murtii,yookaa amrii isaatin,Rabbiin islaama mul'isu'uuf taa'a, gargaarsa isaa kan baallama seenee jiruun,

بِكَلِمَتِهِ

82} *Odoo warri Rabbitti kafare jibbelle'ee.

وَلَوْ كَرِهَ الْمُجْرِمُونَ ﴿٨٢﴾

*Nabi muusa'atti gaafa duraa joollee gosa

فَمَا آمَنَ لِمُوسَىٰ إِلَّا ذُرِّيَّةٌ مِّن قَوْمِهِ

isaa malee, namni gurguddaan hin amanne, yookaa hin dhugo'omsine , {zurriyyaan} joollee,takkaa warra firkgawnati, takka jaartii firkgawnaa faa, isaantu itti amane malee, namni biraa ummata firkgawnarraa ittin amanne

*Firkgawna sodaata'aati itti amanan, ammallee matoota isaanii sodaata'aati itti amanan,

عَلَىٰ خَوْفٍ مِّن فِرْعَوْنَ وَمَلَئِهِمْ

*Nu qixaaxaa sodaata'aa,

أَن يَفْتِنَهُمْ

*Firkgawna nama biyya misraa keessatti mooyee mul'ate,

وَأَنَّ فِرْعَوْنَ لَعَالٍ فِي الْأَرْضِ

83} *Ammallee inni nama jallina keessa wasanaa bayee, an Rabbi ifiin je'e.

وَأَنَّهُ لَمِنَ الْمُسْرِفِينَ ﴿٨٣﴾

*Nabi muusan ummata isaatin akki je'e; yaa ummata kiyya yoo kan Rabbitti amantan taatan, yoo kan isa dhugo'oomsitan taatan,

وَقَالَ مُوسَىٰ يَقَوْمِ إِن كُنتُمْ ءَامَنُ بِاللَّهِ

84} *Isumatti irkadhaa, yoo kan dubbii isaa dhageessan taatan, yoo kan isaa if kennitan taatan.

فَعَلَيْهِ تَوَكَّلُوا إِن كُنتُمْ مُّسْلِمِينَ ﴿٨٤﴾

*Jennaanin tole,Rabbitti irkanne je'anii, akki je'an;

فَقَالُوا عَلَى اللَّهِ تَوَكَّلْنَا

85} *Yaa Rabbii keenya warra kuffaarri itti roorrisu nun godhinni,cinqii isaanii jalaa nu baasi, cubbuu warra cubbuu dalagu nurraa qabi.

رَبَّنَا لَا تَجْعَلْنَا فِتْنَةً لِّلْقَوْمِ الظَّالِمِينَ ﴿٨٥﴾

86} *Yaa Rabbi, rahmata keetin, qixaaxa warra sitti kafaree jalaa nu baasi, ammallee xiqqeessaa isaanii jalaa nu baasi je'anii, Rabbi khadhatan .

*Nabi muusa'aafii obboleessa isaa haaruunitti ajaja baafnee akki jenneen,

*Ummata keessan, banii israa'iilif, biyya misra keessatti manootii keessa qubatanii ta'a'an qopheessaa, jaaraa jenneen,

*Manootii teessan san, bakka salaata itti salaattan godhaa,

*Salaata salaataa,

87} *Yaa muusaa warra sitti amane ,hegeree gaari'in addunyaa tanarratti gammachiisi, ammallee aakhira'atti jannataan gammachiisi

*Nabi muusan akki je'e; yaa Rabbi ati firkgawnaafii orma isaatii faayafii horii kennitee jirta,

*Addunyaa tanarratti ,

*Yaa Rabbi waan ati kenniteef kanaan karaa keetirraa nama jallisu'uufii,

*Yaa Rabbi, horii isaanii duraa balleessii, dhabamsiisi, duuba horiin isaanii dhagaa taye

*Qalbii isaanii duuchi,

88} *Maalif isaan hanga azaaba isaan laal-essu arganitti hin amanan, nabi muusan hoggaa du'aa'ii godhu, obboleessi isaa haaruun aamiin je'aa.

*Duuba Rabbiin akka je'een, du'aa' in isin firkgawnaafii orma isatti gootan, isinii qeebalamtee ,gaafa waytiin geesse eegaa, gaafa yaroo wanni kadhattan argamtu eegaa,

*Isin haqarratti jabaadhaa, hin jarjarsii-fatinaa ,

وَوَيْحًا بِرَحْمَتِكَ مِنَ الْقَوْمِ الْكَافِرِينَ ﴿٨٦﴾

وَأَوْحَيْنَا إِلَىٰ مُوسَىٰ وَأَخِيهِ

أَن تَبَوَّءَا لِقَوْمِكُمَا بِمِصْرَ بِيوتًا

وَأَجْعَلُوا بُيوتَكُمْ قِبَلَهُ

وَأَقِيمُوا الصَّلَاةَ

وَبَشِّرِ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٨٧﴾

وَقَالَ مُوسَىٰ رَبَّنَا إِنَّكَ آتَيْتَ فِرْعَوْنَ

وَمَلَأَهُ زِينَةً وَأَمْوَالًا

فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

رَبَّنَا لِضَلُوتِنَا عَن سَبِيلِكَ

رَبَّنَا اطْمِسْ عَلَيْنَا أَمْوَالَهُمْ

وَأَشَدِّدْ عَلَيْنَا قُلُوبَهُمْ

فَلَا يُؤْمِنُوا حَتَّىٰ يَرَوْا الْعَذَابَ الْأَلِيمَ ﴿٨٨﴾

قَالَ قَدْ أُجِيبَت دَعْوَتُكُمْ مَا

فَأَسْتَقِيمَا

89} *Karaa warra waan beynee hin deemi-

وَلَا نُنَبِّئُكَ سَبِيلَ الَّذِينَ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٨٩﴾

Naa ,karaa warra Rabbiin isinirraa qeebaluun dhuga'aa,haa tayuu waa beekheti isinirraa waan isin barbaaddan booda aansee hin beynee, hin deeminaa, yaada isaanii hin yaadinaa, gaafa nabi muusan du'aa'ii godheefii gaafa irraa qeebalamte yookaa argamte jidduun, amata yookaa bara afurtama je'an, hanga san nabi muusan numa eeggata.

*Ilmaan israa'iil,nabi muusa`aan wajji

﴿٩٠﴾ وَجَوْرْنَا بِبَنِي إِسْرَائِيلَ الْبَحْرَ

bahara ceesifne.isaanii firkgawna dheeyisu, baharri dura dhufnaan bahara addaan murree, karaa goonefii ,kan gamaa gamanni gaara bishaan bahar taye dabarsine,

*Duuba nabi muusa'aafii, orma isaa ,isaanii dheefarra jiru, firkgawna isaan qaqqabee fixu'uu jecha ashkara qabatee jala gad taa'e,

فَاتَّبَعَهُمْ فِرْعَوْنُ وَجُنُودُهُ

*Itti rorrissu'uu jecha,

بَعِيًّا

*Isaan miidhu'uu jecha

وَعَدُوًّا

*Duuba hoggaa nabi muusa`aafii umma

حَتَّىٰ إِذَا آذَرَكُمُ الْعُرْقُ

nii isaa,karaa bahara addaan citee saniin, maayyin isaanii, gama ceyu, kan firkgawnaafii ashkarri isaa karaa bahara addaan citee saniin jala ori'an, bahariin,duraan addaan citee akka gaara lamatti taa'u,walitti jige, duuba firkgawna hoggaa baharri na liqimsee hubatu,

90} *Akki je'e;Rabbii muusa'aafii ummanni isaa,ilmaan israa'iil itti amane malee Rabbiin biraa hin jiru an warra islaamayerraayi je`e

قَالَ ءَأَمِنْتُ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا الَّذِي ءَأَمِنْتُ بِهِ بَنُو

إِسْرَائِيلَ وَأَنَا مِنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿٩٠﴾

wanni firkgawna akkana je'eef akka Rabbiin rahgmata isaa godhee, baharirraa nagaya isa baasu'uufi , haa tayuu hoggaa lubbuun morma nama geesse, islaamayyuu takkaa towbatuun homaa namaan tartu, tanaaf jecha Rabbiin akka je'een.

*Amma amantaa ? Eega dubbiin harka ketii baatee, kan san dura Rabbitti balleessite,

ءَأَلْتَنُ وَفَدَّ عَصِيَّتَ قَبْلُ

91} *Ati hanga jiruu teetii, jallatteeti namallee jalliftee.

وَكَنتَ مِنَ الْمُفْسِدِينَ ﴿٩١﴾

*Ar'a lubbuu tee du'a jalaa hin baafnuu qaama keetin si baafna, akkana jechuun: reeffa teeti, yookaa qaama kee qofa, kan lubbuun keessan jirre, baharii baafna jechu'

فَالْيَوْمَ نُنَجِّيكَ بِبَدَنِكَ

*Akka warra si duuba hafeef gorsa taatu`uuf

لَتَكُونَنَّ لِمَنْ خَلَقَكَ آيَةً

ammallee mukgjizaa taatuf, maalif ? nabi muusan orma israa'iilin firkgawna baharitti du'aa,jennaan akkamitti namni guddaan Rabbi ifiin je'u du'a je'anii shakkinaan, Rabbiin firkgawna reeffa isaa baharii darbee, orma israa'iil garsiisee akka inni du'e hubatanii, nabi muusaa dhugo'oomsan, akkasitti duuti firkgawnaa, ammallee reeffa isaa arguun, mukgjizaa nabi muusa'aa taatee, nama Rabbi ifiin je'u hundaafuu gorsa taate

92} *Haa tayuu irra hedduun namaa mukgjizaa teenyan hin gorfamanii ni dagatan.

وَإِنَّ كَثِيرًا مِنَ النَّاسِ عَنْ آيَاتِنَا لَعَفْلُونَ ﴿٩٢﴾

*Dhugumaan ilmaan israa'iil qubsiifne,

وَلَقَدْ بَوَّأْنَا بَنِي إِسْرَائِيلَ

*Qubsuma gaarii,bakka gaarii, sun shaamifii, misraa,

مُبْرَأًا صِدْقٍ

*Waan gaarii mi'ooytu'urraa, waa hedduu isaanii kenninee,

وَرَزَقْنَاهُمْ مِنَ الطَّيِّبَاتِ

*Duuba isaan eeguma beekkomsa isaanii

فَمَا اخْتَلَفُوا حَتَّى جَاءَهُمُ الْعَامُ

dhufee malee, san dura addaan hin babaane, gariin amanee, gariin kafaree, yaanni isaanii wal dhabee. beekkomsa isaanii dhufe, kan isaan keessatti wal dhaban, towraati,takkaa oduu nabi muhammaditti rarraatu, tan towraat keessatti Rabbiin dubbatee, isaan fassarii isi'ii keessatti wal dhaban,

*Rabbiin kee guyyaa qiyaama'aa isaan jiddu'utti firdii , yookaa murtii godha,

إِنَّ رَبَّكَ يَقْضِي بَيْنَهُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

93} *Waan isaan keessatti wal dhaban hunda keessatti ,kan haqarra jiru jannata seenisee.

فِيمَا كَانُوا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ ﴿٩٣﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, yoo waan ummata durirraa sii odeessineraa , kan shakkii qabdu taate, shakkiin waa sirraan argamtuu,

فَإِنْ كُنْتَ فِي شَكٍّ مِمَّا أَنْزَلْنَا إِلَيْكَ

*Warra si dura towraat qara`u gaafadhu

فَسَأَلِ الَّذِينَ يَاقُرْءُونَ الْكِتَابَ مِنْ قَبْلِكَ

wanni Rabbiin nabi muhammad, kan shakkiin qalbii isaa hin seenne, nama waa beekhu gaafatu'utti ajajeef,namni waan beyne, waan wallaale, nama beekhu gaafatuu, karaa nu godhu'uufi malee, nabiitu waan Rabbiin isaa odeesse shakka'aafii miti

*Yaa ergamaa kiyya muhammad dhugumaan hayn'i, Rabbii keetirraa sitti dhufe,
94} *Warra waan Rabbirraa dhufe shakkurraan tayin .

لَقَدْ جَاءَكَ الْحَقُّ مِنْ رَبِّكَ

فَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الْمُمْتَرِينَ ﴿٩٤﴾

*Warra aayata Rabbii kijibsiisurraan tayin ,
95} *Warra badee khasaaramerraa taataa

وَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الَّذِينَ كَذَبُوا بِآيَاتِ اللَّهِ

فَتَكُونُ مِنَ الْخَسِيرِينَ ﴿٩٥﴾

Rabbiin nabi muhammadiin, warra aayata Rabbii kijibsiisurraa yookaa shakkurraa hin tayin jechuun, dubbii isatti jajabeessu', takkaa ummata gorsu'uufi, dubbii isatti achi qabee, maalif nabi Muhammad aayata Rabbii isaa shakku'urraa, takkaa kijibsiisu'urraa fago'oo, tanaaf nabi muhammed warra na dura dabre hin gaafadhuu aayata Rabbii kiyyaa hin kijibsiisuu, hin shakku je'an.

*Warri jechi Rabbii keetii; haa qixaaxaman jechaan, itti muramte, {haqqat} jechuun; fir-diin yookaa murtiin itti jiyde jechu'uu,
96} *Hin amanan hin dhugo'oomsan .

إِنَّ الَّذِينَ حَقَّتْ عَلَيْهِمْ كَلِمَةُ رَبِّكَ

لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٩٦﴾

*Odo mukgjizaan, takkaa aayanni hundi isaanii dhuffelle'ee,
97} *Hanga azaaba isaan laalessu ijaan arganitti, haa tayuu gaafas amanuun isaan hin fayyadduu, isaan warra ibiddaati.

وَلَوْ جَاءَتْهُمْ كُلُّ آيَةٍ

حَتَّىٰ يَرَوْا الْعَذَابَ الْأَلِيمَ ﴿٩٧﴾

*Warra biyyoota azaaba itti buufnee balleessine, kan akka warra firkgawnaa sanirraa, bitti takka, odoo azaabni ittin bu'in, maalif hin amanin,

فَلَوْلَا كَانَتْ قَرِيَةً ءَامَنَتْ

*Kan iimanni isaanii irraa qeebalamee isaan fayyadu, maalif warri biyya sanii akkas tayuu oole, bitti badde sun odoo azaabni ittin bu'in dura hin amannee eega azaaba ijaan arganii amananii, tanaaf iimaanni isaan fayyaduu oolee dhuman jechu',

فَنَفَعَهَا إِيمَانُهَا

*Warra biyya nabi yuunus malee,

إِلَّا قَوْمَ يُونُسَ

*Isaan hoggaa azaabni nutti dhufu'uu deemaa ,milikkata arganii beekhan, odoo azaabni yookaa balaan ittin bu'in dafanii amanan,

لَمَاءَ أَمْنُوا

*Tanaaf azaaba silaa addunyaa tana keessatti isaan xiqqeessu isaanirraa deebifnee,
98} *Hanga du'anitti isaan qananiifne, nabi

yuunus Warra {niinawa'atti} ergame, isiin biyya {iraaq} tan {muusil} je'aniinirraa takka, duuba itti amanuu dinnaan dallanee, yookaa aaree, keessaa deeme, hoggaa san balaan nutti buutii sodaatanii amananii dhala'aa dhiiran xiqqa'aa gudda'aan, namaa sa'aan, bayanii Rabbi khadhatanii, duuba Rabbiin isaanii rahgmata godhee, balaa isaanirraa deebise, inuma akkaan isaan qananiise.

*Rabbiin kee odoo namni addunyaa tana keessa jiru hundi haa amanuu fedhee, silaa hundi isaanii ni amanaman, kan nam tokkolleen kufri'irrattin hin hafne haa tayuu Rabbiin akkas hin feene,

*Duuba ati waan Rabbiin hin fedhinitti nama gidditaa? takkaa dirqitaa?

99} *Hanga hundi isaanii warra amanu tayutti? hin dirqitu jechu.

*Lubbuun takkalleen fedhii Rabbiitin malee hin amantu,

100} *Rabbiin azaaba warra aayata Rabbiin hin aylifannerra kaaya, isaantu gubata jechu, {rijs} jechuun ;azaaba yookaa balaa ,namni balaan itti buutu, warra Rabbin dhugo'oomsine, kan aayata yookaa mukgjizaa isaa hin qeeballe.

*Wanni orma kuffaaraa kan tokkummaa Rabbi qeebaluu diduun jettu; mee waan sami'iifii dachii keessatti Rabbiin uume lalaa ,waan tokkummaa Rabbi isin qabsiisu, yookaa itti isin qajeelchu gartanii,

*Mukgjizaan ammallee aayaanni, wanni dandeytii Rabbi agarsiisu, tan Rabbiin uume, hin fayyaddu,

*Ammallee ergamoonni Rabbiin ergu, haa gabroottan isaa qajeelchani'iif jecha hin fayyadu,

كشَفْنَا عَنْهُمْ عَذَابَ الْخِزْيِ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

وَمَتَّعْنَاهُمْ إِلَىٰ حِينٍ ﴿٩٨﴾

وَلَوْ شَاءَ رَبُّكَ لَأَمَنَّ مِنَ فِي الْأَرْضِ كُفْرَهُمْ

جَمِيعًا

أَفَأَنْتَ تُكْرِهُ النَّاسَ

حَتَّىٰ يَكُونُوا مُؤْمِنِينَ ﴿٩٩﴾

وَمَا كَانَتْ لِنَفْسٍ أَنْ تُؤْمِنَ إِلَّا بِإِذْنِ اللَّهِ

وَيَجْعَلُ الرِّجْسَ عَلَى الَّذِينَ لَا يَعْقِلُونَ ﴿١٠٠﴾

قُلْ أَنْظَرُوا مَاذَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَمَا تُعْنِي

الْآيَاتِ وَالنُّذُرِ

101} *Warran amanne,kan Rabbiin amanuu dhabuu isaanii dabarse , jara kana mukgjiz-a`aafii ergamoonnilleen akka amanan godhuun dandayan waan Rabbiin hin fedhiniif jechu`

*Jarri kun waan biraan eegatan,yoo balaan akka warra isaan duratti buute, isaanitti bu'uu eegatan, yookaa eegan malee,

*Duuba waan isinitti argamu'uu taa'u eegaa,

102} *An warra isiniin wajjiin eegurraayii, ji'iin.

*Duuba eega azaabni bu'ee ergamoota keenyafii warra isaanitti amane, azaaba yookaa balaa kuffaaratti buute san jalaa nagaya baafna,

103} *Akkuma jara san balaa jalaa baafne. orma mu'minaa hunda, balaa yookaa azaaba orma kuffaaratti bu'u jalaa baasun nurratti jira.

*Wanni orma kuffaaratiin jettu,

*Yoo kan diinan kiyya, haqa tayuu shakkitan taatan,

*Isin shakkitani'iif jecha, waan isin Rab bii achitti ibaadani hin ibaadu,yookaa hin gabbaru, sanama yookaa nama isin Rabbi jettanii gabbartan hin gabbaru , yookaa hin guddisu,

*Wannin an ibaadu,Rabbii isin ajjeesu,

104} *An warra Rabbitti amanerraa tayu'uttin ajajame,warra Rabbitti kafaree mitii.

عَنْ قَوْمٍ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿١٠١﴾

فَهَلْ يَنْظُرُونَ إِلَّا مِثْلَ أَيَّامِ الَّذِينَ خَلَوْا
مِنْ قَبْلِهِمْ

قُلْ فَانظُرُوا

إِنِّي مَعَكُمْ مِنَ الْمُنْتَظِرِينَ ﴿١٠٢﴾

ثُمَّ نُنَجِّي رُسُلَنَا وَالَّذِينَ ءَامَنُوا

كَذَلِكَ حَقًّا عَلَيْنَا نُنَجِّ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٠٣﴾

قُلْ يَا أَيُّهَا النَّاسُ

إِن كُنْتُمْ فِي شَكٍّ مِنْ دِينِي

فَلَا أَعْبُدُ الَّذِينَ تَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

وَلَكِنْ أَعْبُدُ اللَّهَ الَّذِي تَتَوَفَّكُمُ

وَأُمِرْتُ أَنْ أكونَ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٠٤﴾

*Wanni Rabbiin naan je'e: diinaa keetitti gara gali itti qajeeli,

*Sii karaa jallinaa hundarraa gara diinaa haqaa goru, {hganiifan} jechuun; kan karaa haqaa jallatu jechu', gara diinaa haqaa goru, {hganiifan} jechuun ; kan karaa haqaa jallatu jechu',

105} *Ammas wanni Rabbiin naan je'e, warri Rabbitti waa qindeessurraa hin tayinii, tokkummaa Rabbii keetii yaadi.

*Rabbii achitti waan yoo ibaadde sin fayanne, waan yoo ibaaddu dhiifte sin dararre hin ibaadin hin gabbarin,

106} *Ammoo yoo diddee waan irraa si dhoowwine kana dalayde ati warra cubbuu guddoo dalagerraayii beekhi.

Yoo Rabbiin waan hamtuu si miitu, tan akka hiyyumma'aatin si tuqe, takkaa sitti buuse,

*Namni sirraa deebisu, takkaa si furu hin jiru,

*Isa malee, Rabbi malee,

*Rabbiin yoo waan gaarii siin fedhe, wanni badhaasa isaa sirraa deebisu, namni waan inni sii kenne sirraa qabu hin jiru,

*Rabbiin nama fedhe gabroottan isarraa kheyri'in, yookaa waan gaari'in tuqa, yookaa kennaaf,

107} *Rabbiin kan namaaf araaramee rahmata namaa godhu.

*Yaa ergamaa kiyya, ummata keetin akki jettu, yaa gabroottan Rabbii hayn'i yookaa dhugaan, Rabbii keessanirraa, isinii dhuftte beekhaa,

*Duuba namni haqa kanaan qajeele, ifumaaf qajeele, waan faaydan sanii isumaaf deebituuf,

وَأَنْ أَقْرَبَ وَجْهَكَ لِلدِّينِ

حَنِيفًا

وَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٠٥﴾

وَلَا تَدْعُ مِنْ دُونِ اللَّهِ مَا لَا يَنْفَعُكَ وَلَا يَضُرُّكَ

فَإِنْ فَعَلْتَ فَإِنَّكَ إِذَا مِنَ الظَّالِمِينَ ﴿١٠٦﴾

وَإِنْ يَمْسَسْكَ اللَّهُ بِضُرٍّ

فَلَا كَاشِفَ لَهُ

إِلَّا هُوَ

وَإِنْ يُرِدْكَ بِخَيْرٍ فَلَا رَادَ لِفَضْلِهِ

يُصِيبُ بِهِ مَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ

وَهُوَ الْعَفُورُ الرَّحِيمُ ﴿١٠٧﴾

قُلْ يَا أَيُّهَا النَّاسُ قَدْ جَاءَكُمْ الْحَقُّ مِنْ رَبِّكُمْ

فَمَنْ أَهْتَدَىٰ فَإِنَّمَا يَهْتَدِي لِنَفْسِهِ

*Ammas namni jallate ifumatti jallate, waan balaan sanii itti deebituuf,

108} An nama isin tiysu, wakiila qajeello'otti isin gidduu mitii, an nama warra qajeele, jannataan gammachiisee, warra jallate ibiddaan sodaachisu ji'in

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, waan narraa sii dhufe jala deemi,

*Karaa Rabbitti nama yaamu'uufii, miidha'aafii, cinqi'irratti obsi, hanga Rabbiin addaan isin baasutti, warra si dura dhaabaturratti si gargaaree irra si aansutti

109} *Inni irra caalaa warra firdii yookaa murtii godhuuti, kan waa takka irraan dhokhanne, kan ragaan barbaanne.

وَمَنْ ضَلَّ فَاتِّمَّ يَضِلْ عَلَيْهَا

﴿١٠٨﴾ وَمَا أَنَا عَلَيْكُمْ بِوَكِيلٍ

وَاتَّبِعْ مَا يُوحَىٰ إِلَيْكَ

وَأَصِرْ حَتَّىٰ يَحْكُمَ اللَّهُ

﴿١٠٩﴾ وَهُوَ خَيْرُ الْحَاكِمِينَ